# Wantoota Ta’uu Qaban

Rialto, California, USA
65-1205

1 Obboleessa koo Boonee fi gubaa'ee kana hundumaaf, SaanBernaardiinootti ammas deebi'ee dhufuun koo, anaaf dhugaadhumatti carraa guddaadha. Iddoon kun guyyoota yaadannoo gurguddaa baay'ee wajjin darban of keessaaqaba. Egaa daawwannaa asitti goonee turre sana dhaga'uun keessan amma iyyuukaka'umsa jireenyaa isiniif uumaa jira, maaliif jennaan, inni Gooftaanwaggootaan dura gara kana akka dhufnuuf karaa nutti agarsiise dhugaadhumattiisin gammachiiseera.

Yeroo xiqqoo dura, as iddoo konkolaataa dhaabbatan taa'eentaatewwan yeroo sanaa ta'aa turan keessaa tokko tokko yaadachuuf yaalaan ture. Fiinlaandittiafaan hiikaa kan turte Aade Isaaqsan turte, yeroo duula kaka'umsaaFiinlaanditti goonetti isheen yummuun achii deemuuf ka'uu jedhutti garakonkolaataa dhuftee turte. Isheen, “Dubbii kee isa kan Fiinlaand” sana naanjette. Amma Aadde Isaaqsan naannoo kana jirti yoo ta'e, ishee nan dinqifadha.Maal akka ta'e hin beeku. Isheen galgala kana asitti argamuu hin dandeenye, AaddeMeeyi Isaaqsan nama Fiinlaad irraa dhufte jedheen yaada, Akkas mitii?

2 Wanti gammachiisaa biraan gara sammuu kootii dhufe kan biraanimmoo, hoteela Antilersi jedhumu kan naannoo sanatti dhi'oo jiru keessaa,bakkan nyaata nyaadhe keessaa mucaa durbaa keessummeessituu tokkotu turte.Egaa, inni sirrii dha jedheen amana. Mucaan durbaa sun…qadi turte. Ishee wajjinkadhachaan ture. Isheen…qabdi. Isheen mucaa durbaa miidhagduu turte, garuuisheen kristaana miti. Gara gubaa'eetti ishee afeere. Isheen nama daa'imnitokko jalaa du'e yummuu taatu, akkan amanutti isheen abbaa manaa ishee wajjingargara baateetti. Isheen abbaa manaa isheetti araaramtee isaa wajjinjiraachuuf, yookiin lamaan isaanii akka walitti araaramaniif Waaqayyoonkadhachaa turre. Kanaaf, dubartiin gaariin sun amma asitti argamti yoo ta'e,ishees nan dinqisiifadha. Hubattanii? Tokkichi…

Taateen kan biraan immoo mucaa xinnaa tokko iddoo ta'e irraa,adeemsa guyyaa tokkoo konkolaataan deemanii fidanii dhufan. Mucichi du'ee irreehaadha isaa irra ciisa ture. Mucichi sunis lubbuun itti deebi'ee jiraataa ta'e.inni kun…Namni sun amma sa jiraa? Nan amana, inni kutaa bulchiinsaa gubbaa kanaatii, naannoo kanaa, gubbaa kanairraa dhufe. Haati muchaa karaa kana hundumaa halkan guutuu konkolaachiisaabulan, abbaa fi haadha mucichaatu achi keessa turan, nama gaddisiisa, isaanmucaa du'aa sana baatanii hamma kana deemanii dhufan. “Maal amantiin akkasii!” jedheen yaade. Utuun nama oftuulaa addunyaa kanaa ta'ee iyyuu, Waaqayyo amantiihaadha mucaa kanaa ulfeessa ture.

Mucicha harka kookeessatti akka sanatti qabadheenWaaqayyoon kadhachaa ture. Dhagni isaa ho'aa dhufe, socho'uu jalqabe, ija isaabanachuu jalqabe. Sana booda deebiseen haadhatti kenne. Isaanis iddoo biraairraa kan dhufan turan. Haa ta'u malee, isaan Pheenxeqoostaalii irraa dhufanjedhee hin yaadu. Isaan… Nan amana innis waldaa ta'e irraa… Kristaana ta'uu fita'uu dhiisuu isaanii iyyuu ani hin beeku. Ani raawwadhee isaan hin gaafadhe.Ana kan baay'ee na gammachiisaa ture waa'ee deebi'ee jiraachuu mucaa du'ee turesanaati.

Obboleessa koo Boonee,erga sanaa jalqabee hanga har'aatti lagni baay'een guutee hir'ateera. Garuunuyi amma iyyuu Waaqayyo Isa kaleessa, hara'as bara baraanis hin jijjiiramnetajaajilaa jirra.

3 Bukkee kanaan yummuun ilaalu, obboleessi koo Lerooyi Koopi astaa'ee utuu jiruun arga. Yeroo dheeraan booda, har'a yeroo jalqabattifan isaarge. [Obboleessi tokko, “Inni as jiru kun Poowul Koopi dha” jedhe.] Poowul.Sirrii dha. Lerooyi abbaa keeti. Sirrii dha. [“Inni galgala kana Ruusiyaa jira,kanaaf isaaf kadhadhu.”] Oo, yaa anaa! Ruusiyaa. Tole, isa kana nan beeka,loltuu jabaan kun biyyichatti hojii Mootichaa irra jira. [“Sirrii dha.”]Kanaaf, asitt argamuu kootii fi isa tajaajilaan drgaggeessi kun tajaajila nukanaan dura isin tajaajilleen kaka'umsa argachuu isaa dhaga'uu kootti baay'eengammada. Maal wanti akkas garaa nama ciibsu!

Egaa amma nan amana,nuyi akka…nan beeka. Namoonni iddoo taa'an dhabanii dhaabachaa waan jiraniibaay'ee isin hin tursinu. Yeroo kadhata fayyinaa guddaa sanas

in yaadanna.

4 Sana booda obboleessi tokko ollaa kanaa tajaajila kadhannaafayyinaatiif sagantaa qabachuu isaa nan yaadadha, innis obboleessa keenyaLeeroyi Jeenkins dha. Inni kun sirrii dha jedheen amana. Anis nangalateeffadha, Gooftaan guddisee akka isa eebbisuuu fi akka tajaajilu nanabdadha. Inni…

Yaa anaa, galgala kanadhugaadhumatti kabajatu natti dhaga'ame, yeroon gara Waldaa dhufaa turetti waanakkasiitu natti dhaga'ama ture. Galama irra Waldaa keessatti yummuu wal geenyumiirri gaariin natti dhaga'ama. Galma wal ga'ii keessatti ta'uun isaa rakkoohin qabu. Garuu, akkuma isin beektan, ani…Inni tarii waaqeffannaa akkasumaanii,yokkin xiqqoo… Anaaf akkuma isa dhugaa natti fakkaata. Hubattanii? Isaan…Yummuugara Galmawwan wal ga'ii kana deemtanitti, bakka sanatti namoonni wal lolu, wal'aansoowal qabu, in sirbuu, wanti hunduu naannoo santti raawwata, hafuuronni hamoonninaannoo sana buufatanii waan jiran fakkaata. Egaa inni kun tarii waaqeffannaaakkasumaanii fakkaachuu danda'a, garuu akkas miti. Garuu yeroo gara Waldaadhuftanitti, isin…yeroo baay'ee, hamma tokko walga'ii hafuuraa fakkaata, innisimmoo isa kaan caalmaatti walabummaan namatti dhaga'ama, waan waan ta'e tokkoachi jiru namatti fakkaata. Mul'achuun Waaqayyoo achi jira. Akkuma isin beektanwaan addaa tokko namatti fakkaata. Dhiibbaa gosti ijaarsa manaa fidu ani hinbeeku, garuu namoonni achitti walitti in ga'u. Eeyyee, namoonni akkasuma gamabiraatiin walitti in qabamu, garuu darbii gamoo isa gara lafaatti aanutti warrihamoonni walitti in qabamu. Tarii ani gama kanaanin yaada. Garuu, hundumaafuu, galgala kana asitti argamuu kootti nan gammada.

5 Egaa amma, yeroo dheeraadhaaf isin tursuu hin barbaannu, sababiinisaa namoonni dhaabatan waan jiraniif. Bor galgala immoo naannoodhuma kanaaiddoo biraa deemna. Iddoon isaa eessa akka ta'e ani hin beeku. Garuu asittidhi'oo dha. [Obboleessi tokko, “Galma Ooreenji Showuu ti” jedhe.] Eessa?[“Galma Oorenji Showu.”] Tajaajila guyyaa boriitiif Galama Ooreenji Showuudeemna. Ani… Inni kun isan daawwannaa koo warra Fuul Gospel Biizines Meensiwajjin qabu gidduutti isinii wajjin turuuf qophaa'e dha. sababii jarakanaatiifan guutummaa addunyaatti dubbachuuf carraa argadhe. Kanaaf utuma achijirruu, hiriyaan koo baa'ee jaalldhu gara kanatti waan na afeereef, galgalakana gubaa'ee kana keessatti argamuu keenyaaf gammachuu guddaatu nuttydhaga'ama.

Amma egaa, utuu Macaafa Qulqulluu hin banin dura…Amma, namnijabeenya qaamaa qabu bifa kanaan Isain bana. Hubattanii? Garuu Sagalicha kan nuuf banu Hafuura Qulqulluuti, Innidandeettii hubannaa keenyaa nuuf banee caaffaticha nutty in mul'isa. AniMacaafa Qulqulluutti nan amana. Inni Sagalee Waaqayyoo akka ta'e nan amana.Biyyi lafaa, yookiin namoonni biyya lafaa kana keessa jiraatan, guyyaa tokkoSagalee kanaan akka isaanitti faradamu nan amana. Amma tarii inni kunkeessummaa fakkaachuu danda'a. amma egaa, yaadni isa kanaan adda ta'e baay'eetujira.

6 Dhi'oo kana hiriyaa koo amanamaa tokkotti haasa'aa ture, innikaatolikii dha. Inni, “Waaqayyo Waldaa Kaatolikiitiin biyya lafaatti farada”naan jedhe. Yoo akka in ta'a ta'e, Waldaa Kaatolikii ishee kam? Argitanii?Egaa, Inni Metedistiidhaan fidii kenna yoo ta'e, Baaptistiin immoo akkam ta'a?Inni isa tokkoon firdii kenna ta'e, inni kaan baduu isaati. Kanaaf namattibitaacha'uu guddaatu achi jira.

Garuu nuyi hima keenyaisa dhugaa argachuuf, gara Isaa dhaquu qabna, Macaafni Qulqulluun WaaqayyoYesus Kristosiin biyya lafaatti farada isa jedhu barbaannee argachuu qabna.Inni Sagalee dha. Wangeela Yohaannis boqonnaa 1 keessatti, “Sagalichi jalqanawaan hundumaa dura ture, Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaaWaaqayyo ture. Sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduus buufate” jedha. Ibroota13:8 keessattis, “Yesus Kristos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isumasana” jedha. Anis inni kun dhugaa akka ta'e nan amana. Egaa amma, ani kaninamanu…

7 Waaqayyo, jalqabatti, Waaqayyo isa dhuma hin qabne, isa bira ga'amuun hin danda'amne (Infinite God)ta'ee jiraataa ture; Inni kan nira ga'amuun hin dandeenye dha. nuyi dhumaqabna. Yaadni sammuu Isaa baay'ee guddaa ta'uu irraan kan ka'e, nuyi warriyaada sammuu bira ga'amuu danda'u qabnu kun, ogummaa Isaa isa guddaa dhuma hinqabne hubachuu hin dandeenyu. Kanaafuu, yummuu Inni waan tokko dubbatu, yummuuwaan Inni Caaffata keessatti dubbate tokko dhageenyu, tarii

keessummaa nuttita'uu danda'a, garuu wanti dubbatame sun in raawwata. Sagaleen Isaa utuu hinraawwatin akka hin hafne nan amana. Kanaafuu, ani Waaqayyo kana nan amana, nuyisammuu keenya isa xiqqoo, isa dhumni isaa bira ga'amuu danda'u kanaan yaadaIsaa isa guddaa hiikkaa isaa lafa kaa'uu akka nuyi hin dandeenye nan beeka,Inni Sagalee Isaa ofii Isaatii in hiika. Inni nama Sagalee Isaa Isaaf hiikutokko illee hin barbaadu. Inni Sagalee Isaa waqtii isaatti mul'isee in hiika.

8 Ani Waaqayyo kana nan amana, jalqabati, Nohi Ergaa Isaa waan ofharkaa qabuuf, inni Sagalee bara sanaati.

Egaa amma, ittiaansuudhaan, sana booda Museetu dhufe. Egaa, Museen Sagelee Nohin fudhatee hindhufne. Inni biyya Gibxiitii isaan baasuuf markaba hojjetee laga Naayil irraisaan hin oofne, yookiin gara biyya abdachiifamaniitti ittiin isaan hingalchine. Ergaan isaa bara Nohi keessa hin hojjenne; inni kutaa SagaleeWaaqayyoo keessaa isa dhugummaan isaa Museetti mul'ifame dha.

Yesusis Sagaee Museeqabatee hin dhufne. Akkasumas…Luuteris sagalee Waldaa Kaatolikii itti fufsiisudanda'u of harkaa hin qabu ture. Wesiliinis sagalee Luuter itti fufsiisuu hindandeenye. Warri Pheenxeqoostaaliis sagalee warra Metedistii hin fudhanne. Isaan… Hubattanii?

Wakdaan adeemsaguddinaa irra jirti. Tokko tokkoon isaanii, Caaffata keessatti kunookaa'amaniiru. Kanaafuu, Waaqayyo, karaa Hafuura Qulqulluutiin Sagalee Isaa mul'isa, bakka Isa baasee mul'isuu fi dhugaaIsaaf ba'uudhaan Ofii Isaatii Sagaleen Isaa abdii bara sana keessattiraawwachuuf abdachiifame ta'uu isaa in mul'isa.

9 Yesus isa kana dubbateera. Inni, “Yoo Ana amanuu hin dandeessanta'e, hojii Ani hojjedhu amanaa” jedhe, hubadhaa, namni Caaffatoota beeku utuujiraate, hojiin Isaa Inni eenyu akka ta'e dhugaa in ba'aaf waan ta'eef.

Egaa, Inni karaa isaanitti hin eegneen, karaa keessummaa ta'een waan dhufeef, namni Isa amanuu hindandeenye, sababiin isaa, “Inni, Nama ta'ee utuu jiruu, Waaqayyoon of godhature.”

Kanaafuu, InniWaaqayyoo bocha horate ture. “Waaqayyo Kristos keessa ta'ee biyya lafaa ofittiaraarse.”

Akkuma nuyi beeknuNIqoodemos, “Homtinuu yoo Waaqayyo isaa wajjin jiraate malee hojiiwwan kanahojjechuu hin danda'u” jedhe. Kunis, dura buutuun warra Yihudootaa kun hojichaamanuu isaati.

Egaa, nuyi isa kana in beekna, Sagalicha in beekna. Utuu Sagalichabeekaniiru ta'ee! Inni, “Utuu Musee beektanii, Ana beektu turtan, sababiin isaainni waa'ee Koo barreesse waan ta'eef” isaaniin jedhe. Nuyis in ilaalla. Isaanduuba deebi'anii utuu Caaffata qQulqull'aa ilaalaniiru ta'ee, waan Masihiinhojjechuun irraa eegamu in argu turan, achumaanis dhuga ba'umsa hojii IsaatiinIsa in baru turan, isa, “Waaqayyo Kristos keessaan biyya lafaa ofittiaraarsaasuuf,” abdiin akka raawwatuuf waa'ee Masihiitiif abdachiifame hunduuisa Inni hojjechaa jiru ta'uu isaa in baru turan. Yesuus baattuu dhuga-baatuuSagalee sanaa ture, Sagalee bara sanaa jiraataa godhe.

10 Bara har'a jiraaachaa jirruu wajjinis wantuma tokko jedheen amana;Waaqayyo dhuga-ba'umsa Sagalee Isaa baachaa jira, waan Nan raawwadha jdheedubbate Mul'isaa jiraachuu isaatiin dhugaa ba'aa jira. Amma, barri kun barafayyina lubbuu akka ta'e in beekna,Waaqayyo nama biyya lafaa keessaa waamaa jira, jireenya cubbuu irraa garajireenya tajaajilaatti waamaa jira. Guyyyaa Waaqayyo Hafuura Isaa oliidhagalaasetti, milikkinnii fi dinqii gurguddaan tajaajila bara har'aatiif Isaduukaa ergame. Barri inni kun yeroo itti bokkaan arfaasaa fi bokkaan birraa walfaana itti roobu dha. Milikkinnii fi dinqiin gurguddaan akka ta'uuf akka eegamunuyi in beekna. Inni kun garee amantii gurguddaa baay'ee keessatti kan ittiinmormamu dha.

Garuu balbaloota akkanol itti seenuuf banama kana waanan qabuu guddiseen gammada, kaka'umsa hafuuraanama dargaggeessa akka Paasterii kkeessan kanaatiif kennameefis guddiseengalateeffa dha. Inni kun sababa isaaniif ta'uudhaan… Akkuman gara dulloomaattideemuu jalqabaa jiru kana, guyyoonni koo lakkaa'amaa deemu, kanaaf yoo Innibara dhaloota kootii kana keessa hin dhufu ta'e, namoonni dargaggeeyyiin kunErgaa kana fuudhanii Dhufaatii Gooftaatiin in ga'u. Guyyichi, Isa arguuf abdiikoo kanan irra kee'adhe dha. Ani yeroo hundumaa Isa nan eega, ija koo utuunirraa hin buqqifatin guyyaa sana arguuf qophaa'aa dha.

11 Mee mataa keenya gadi qabnnee utuu Macaafa Isaa hin dubbisin duraBurqaa Macaafichaatti dudubbanna. Abbaa keenya isa Waaqairraa, jiraannee galgala kana ga'uu keenyaaf, magaalaa guddittii kanattideebinee dhufuu keenyaaf, nuyi guddifnee sitti gammadna. Magaalaa gaarrewwanmimmiidhagoo yummuu ol ilaalan cabbiinirraa mula'atuu fi yeroodhuma wal fakkaataatti daraaraan bifa keelloos namattimul'atu keessa teenyee jirra, maal addunyaan ajaa'ibsiisaan akka irrajiraannuuf nuuf laatte kun! Akkamitti namni hojii isaatiin addunyaa kana jeeqeeof nu leeyyaasise nuyi hubanneerra, yaa Abbaa.

Wal'aansoo keenyabaafnee mul'isuuf, namoota gara waan guddaa Waaqayyo hojjete hubachuutti fiduugalgala kana asitti argamneerra, akkasumas wanti guddaan isa kana caalududduuba akka jiru in beekna. Yaa Abbaa, galgala kana, yummuu Sagalee keedubbifachuuf bannutti wanta guddaa duuba jiru sana akka arginu nu godhi. NuyiIsa dubbisuu dandeenya yaa Abbaa, garuu Hafuurri Qulqulluun karaa mul'ataa Isanutty haa mul'isu. Maqaa Yesusin si gaafannaa. Ameen.

12 Amma egaa, tarii warriyaadannoo qabattanii tajjijaa waliin dubbifattan, akkuma kanaan duraatti isaanIsa in dubbisu. Egaa, inni akka ture, yeroo Ani…waggootaan dura, anicaffaatoota koo fi kanneen biros hin barreessun ture. Garuu ergasii xiqqoo akkadulloomuun ta'e. Hubattanii? Ani xiqqoo waggaa digdamii shan dabarseera, dhi'ookanan waggaa digdamii shan dabrse. Kanaaf, xiqqoo nama rakkisa. Garuu amma Innina waamutti, waanan beeku hundumaa kan Sagalee Isaa dubbachuu amma iyyuuittuman fufa.

13 Amma egaa, Wangeela Yohaannis boqonnaa 14ffaa baa faannu, caaffannigalgala kana dubbisuuf deemnu kun baay'ee kana baratame dha, yoo fedhaWaaqayyoo ta'e dibbifannee Isa keessaa yaad-rimee baafanna. Harki caalaan namahundumaa isa kana in beeka. Yeroo baay'eef kan dhimma itti ba'amudha, yeroobaay'ee sirna awwaalaa irratti in dubbifama. Yeroon ani sirna awwaalaa irrattilallabuu jaalladhu tokko tureera, innis biyya lafaa kana irratti ture. Mee innidu'ee lammata haa dhalatu. Wangeela Yohaannis 14:1 hanga 7tti, nan amana,armaan gaditti barreesseera.

Yesus itti fufee bartoota isaatiin,"Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa!

Mana abbaa koo keessa iddoon jireenyaabaay'eetu jira; utuu inni hin jiru ta'ee, isinitti nan himan ture; iddoo jirusana isiniif qopheessuudhaaf nan adeema.

Yummuun dhaqee iddoo sana isiniifqopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif deebi'ee dhufeetangara ofii kootiitti isin fudhadha.

Lafa ani dhaqu, karicha achi geessus inbeektu" jedhe.

Toomaas immoo, "Yaa gooftaa, eessa akkaati dhaqxu hin beeknu, karicha immoo attamitti beekuu dandeenya?" jedheen.

Yesus deebisee, "Karichi, dhugaan,jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee,eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu.

Ana beektanii utuu jiraattanii, abbaakoos in beektu turtan; ammaa jalqabdanii isa in beektu, isa argitaniittus"jedheen.

Gooftaan eebba IsaaSagalee Isaa amma dufannetti nuuf haa dabalu. Fuulduratti ammas deebinee Isatuquuf in yaalla, yeroo kanatti amma ittuma fufuudhaan, mata duree xiqqoo wayiiirraa Waldaatti dubbachuu barbaanna.

14 Halkan darbe, ani Yuumaa; Ariizoonaan ture, manni koo yeroo ammaaachi dha. Ani…Yeroon as hin jiraatiniin dura Jefersenviilee, Indiyaanaanjiraachaa ture. Amma ani Ariizoonaan ture, waggoota muraasa dura Waaqayyomul'ataan achitti na erge. Amma achi qubannee jirra. Ani iddoo sanaa Waldaa tokko illee hin qabu.

Obboleessi koo Griin,obboleessi keenya amma nu wajjin as jiru, Mana Qulqulluumaa tokko hundeesseeiddoo…warra Walga'ii Waaqayyoo (Assemblies of God) keessaa tokko, waldaa warrawal ga'ii walakkeessa magaalaa tokko. Akkan yaadutti, isaan achitti jalqabanii,waldaa kana banaatti dhiisanii hundumti isaanii, obboleessa koo Brookii fiobboleessa koo Giilmoor deeman. Obboleessi keenya Piirii Griin namni nuu wajjinwaaqaffatu immoo Teeksaas irraa gara kanatti waan jijjiirameef, iddoo sanafudhate. Obboleessi keenya Griin waldaa cufamee ture banuu isaa baruu keenyattiin gammanna.

15 Egaa galgala darbe, Yuumaatti warra Kristiyaans Biizines Meeniitti(Christians Business Men) tti mata duree OlButamuu jedhu irrattin isaanitti dubbachaa ture. Namoota sonaan baay'eeafeeraan laaqanaa godhameefiif mata dureen kun keessummaa ta'a, garuu garricaalaan isaanii Kristaanota turan. Akkaataan duula kaka'umsaa, yookiin waldaakeessaas akkasuma in ta'a. Amma ani, “Isin keessaa nama meeqatu Kristaa?” jechuu nan danda'a. Namni hunduu harka kaasa ta'a. Isin Kristaanota. Kanaafegaa, erga Kristaana taanee, akkan yaadutti nuyi arjummaadhaan yaadachiifamaafuulduratti deemuu qabna. Isa tilmaamuu hin qabnu. Nuyi xumurri keenya maalakka ta'e hubachiifamneerra.

Galgala kana isa kana irrattin dubbachuu barbaada. Mata dureenbarsiisa hara'aa Wantoota Ta'uun Irra Jirukan jedhu ta'a. Egaa amma, galgala darbaOl Butamuu kan jedhu irratti yummuu ta'u, har'a immoo mata duree kana irratti,tarii Ergaa mata duree galgala darbee wajjin walitti hidheen dubbachuuf yaala.Egaa, ol butamuun ta'uu akka deemu in beekna. Inni immoo fuul duratti kan ta'udha.

16 Amma egaa, asitti Yesus kan dubbachaa jiru, waa'ee isa Inni nudura deemee iddoo nuuf qopheessuu ti. “Garaan keessan hin raafamin.” Egaa, Inniwarra Yihudootaatti dubbachaa ture. Inni, “Waaqayyotti amanaa, Anattis amanaa.Akkuma Waaqayyotti amanaa turtan, anattis amanaa, sababiin isaa, Ani IlmaWaaqayyoo waanan ta'eef” isaaniin jedhe. Hubattanii? “Waaqayyo, immoo,” karaabiraatiin, “Ani fi Abbaan Koo tokko. Abbaan koo Ana keessa buufatee jira.Hojiin isin argitan, inni Ani hojjedhu kun, Anatu hojjeta miti. Hojicha kanhojjetu, Abbaa koo Isa Ana keessaa buufatee jiru dha.” isa Inni jedhe jechuudha.

“Waaqayyo Kristooskeessa jiraachuu Isaatiin biyya lafaa ofitti araarse.”

17 Warri Yihudootaa dhaloota hundumaa keessatti Waaqayyo GuddaanHundumaa danda'u akka jiru barsiifamaa waan turaniif, inni kun isaaniif salphaature. Garuu Waaqayyo gadi bu'ee karaa namummaa Ilma Isaatii, karaa YesusKristos Of mul'isuun, Waaqayyo ManaQulqullummaa dhagnafoon uufatee keessa buufachuun Isaa hubachuun danda'uunbaay'ee isaanitti ulfaate.

Garuu Inni, “Egaa,akkuma Waaqayyotti amanaa turatan, anattis amanaa. Mana Abbaa koo keessa iddoonjireenyaa baay'eetu jira; Ani immoo iddoo isiniif qopheessuuf nan deema” jedhe.Yeroo sanatti barri Yesus lafa kana irra jiraatu raawwachuu jedha ture.

Inni milikkitaa fidinqiidhaan, akkasumas kutaa Macaafa Qulquulluu isa waa'ee Isaa dubbatuhundumaa isaaniif tuquudhaan, Yaahwee foon uffatee mul'ate ta'uu Isaa isaanittiagariisiisee, isaaniif mirakaneesse. Inni Waaqayyo foon uffatee mul'ate ta'uu Isaa mirkaneesse.

Amma egaa Inni, “Jireenyikoo lfa kana irraa yoo xumurame, inni kaayyoo xumuruamuuf qaba. Ani deemeeniddoo isiniif qopheessa; iddoo Ani jiraadhu, isins in jiraattu” jedhe.Kanaafuu, Yesus bartoota Isaatti dubbachaa kana jiru, jireenyi kun du'aan kanxumuramu akka hin taane dha.

18 Egaa, inni kun barreefffama sirna awwaalchaatii dubbatame dha. yaadadhaa,nuyi, duuti fuual keenya dura kaa'amee jira, tarii namni tokko har'a mana kanakeessaa fooniin du'ee gadi ba'aa fi hin ba'uu isaa nyui hin beeknu. Egaa duutihanga kana kantuu dha. Amma irraa jalqabee daqiiqaa shan booda, dargaggeessifayya qabeessi sun, namoonni saafelli mana kan keessa jiran amma irraa jalqabeedaqiiqaa shan boodaa reeffa ta'uu danda'u. kun dhugaa dha. Deebi'ee immoo, akkasta'uu danda'a, amma irraa jalqabee daqiiqaa shon booda hundumti keenya Ulfinakeessatti argamuu dandeenya. Dhugaadhumatti nuyi hin beeknu. Inni harkaWaaqayyoo keessa jira. Yesus Ofii isaatii iyyuu yerichi yoom akka ta'u hinbeeku, “Inni harka Waaqayyo Abbaa qofa keessa jira.”

Amma egaa, garuu, wanti Inni isaanitti himaa ture, du'a boodajireenyi jiraachuu isaati. Sababiin isaa, “Ani deemee iddoo isiniifanqopheessa” jedhe, innis isaan fudhachuuf yummuu ta'u, achitti inni kun kanagarsiisu, wanti Inni isaanitti dubbachaa ture, jireenyi kun erga xumurameebooda jireenyi kan biraan jiraachuu isaati. Jajjibinni hundumti keenya argachuuqabnu yoo jiraate, jireenyi keenya kun arga darbee booda, jireenya itti galluqabaachuu keenya beekuu dha. Yummuu dulloomaa deemtan dhugummaan wanta kanaaisinitti beekamaa dhufa. Akkuma guyyaan keessan gabaabbachaa dhufuu ishee arguujalqabdan, itti siquuf ariifachuu jalqabdu, taatee guddaa sanaaf qophaa'uujalqabdu. Inni amma…Inni itti fufiinsa jireenyuma kanaa isa

biyya lafaa biraakeessatti, iddoo biraatti itti fufu dha.

19 Asitti dhalachuun keessan dursee akeekamuudhaan ta'e. Isa kana inamantu jedheen yaada. Dhalachuun keessan dursee saganteeffamuudhaan akka ta'ein beektu. As jiraachuun keessan raawwatee jijiirama tirannaa irraa, yookiinyaada namootaa irraa akka hin maddine beektuu? Wanti hundumtuu durfameeWaaqayyoon kan karoorfame dha, uumama biyya lafaatiin dura lafa kana irrattiakka dhalattaniif Waaqayyo dursee murteesse. Waaqayyo dhuma waan hin qabneefdursee beeka. Isa dhuma hin qabne jedhamuuf immoo, Inni tafkiin tokkoon tokkoontafkii biyya lafaa kana irratti uumamuuf jirtuu fi yeroo meeqa akka isheen ijaishee libsatti beekuutu isa irra jira. Inni kun dhuma kan hin qabne ta'uu dha.Hubattanii? isin, sammuun keenya inni xinnoon kun dhuma kan hin qabne (infinite) jechuun maal akka ta'e hiikkaaitti kennuu hin danda'u. Waaqayyo Innidhuma hin qabne, waan hundumaa beeka. Kanaafuu, wanti akeeka Isaatiin ala jiruhin jiru.

Nuyi Sagalee Waaqayyoo yoo beekne, eessa akka jiraachaa jirru inbeekna. Bara amma keessa jiraachaa jirru kana in beekna. Waan fuula keenya durajiru in beekna. Maal keessa akka dabarre in argina. Macaafni Waaqayyoo mul'ataYesus Kristosii ti; hojiin Isaa baroota keessaa, inni hamma Macaafa Mul'ataattijiruu fi abdii Isaa isa kanatti aanee dhufu dha. kanaafuu, abdiin isaa hunduudhugaa dha. Waaqayyo yoom illee utuu hin mirkaneessin Sagalee Isaa hin dubbatu.Dubbiin Sagalee hundinuu dhufanii in raawwatu. Uumamuu biyya lafaatiin dura…

20 Namoonni tokko tokko yummuu, “Waaqayyo Ofii Isaa irra deddeebi'a”jedhanitti, Seera Uumamaa jijjiiruu isaaniiti. Lakki akkas miti, kun hubannookaraa irraa maqee dha. Hubattanii?

Waaqayyo jalqabatti,“Haa ta'u. Haa ta'u. Haa ta'u” jedhe. Biyyi lafaa dukkannooftuu fi bifa kan hinqabne turte. Yeroo Inni, “Ifti haa ta'u” jedhetti iyyuu, tarii waggootadhibbaatama booda ifti ta'e ta'a. Garuu Inni dubbannaan utuu hin raawwataminhin hafu. Akkaataa dubbatameen raawwachuu qaba. Hubattanii? Egaa Inni SagaleeIsaatiin dubbata. Sanyiwwan sun bishaan jala turan. Yummuu Inni bishaan lafairraa qoorsetti, sanyiwwan sun biqiluu danda'an. Wanti Inni dubbatu dhufeeraawwachuun isaa diraqama.

Inni karaa raajotaatiin dubbata. Isa kana galgala darbe tuquufyaaleera. Fakkeenyaaf Isaayaas yoo fudhenne, “Durbi in ulfoofti” jedhe. Yaadanamaatiin lafumaa ka'ee, namni yaada sammuu namaatiin jecha akkasii dubbatu,namni ofii isaatii, “Durbi in ulfoofti” jedhu eenyu? Garuu sababii…

Raajiin Waaqayyooncalaqqisiisa. Inni akka dubbii afaan isaatii hin dubbannetti uumame. Wanti innidubbatu dubbii Sagalee Waaqayyoo ta'uu qaba. Inni akka mi'a ifa madda isaairraa balaqqeesisuuti, inni qafoo bilbila Waaqayyootis.

Egaa, kanaaf inni,“Durbi in ulfoofti” jedhe. Inni tarii waan sana beekuu dhiisuu danda'a, garuuWaaqayyo isa keessaan dubbateera. Sababiin isaa, “Inni utuu hojjettoota isaawarra ta'an raajotatti utuu hin mul'isin waan tokko iyyuu akka hin hojjenne” dubbateera waan ta'eef. Sana booda, wanti dubbatame kun waggoonni dhibbisaddeet erga darbanii booda raawwate. Hammam yoo ture iyyuu dhufee raawwachuunisaa dirqama dha.

Xumura irattis,Sagelewwan Waaqayyoo sun gadameessa dubroo Maariyaam keessa buufate, isheenisulfooftee Amaanu'eeliin deesse. “Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera;humni mootummaa isaa gatiittii isaa irra jira; maqaan isaa, 'Gorsaa, Dinqii, Waaqayyo-jabaa, Abbaa bara baraa, Angafa nagaa' in jedhama.” Inni kun hunduuta'uutu isa irraa eegama, sababiin isaa Waaqayyo karaa afaan raajotaatiinwaa'ee kanaa dubbateera waan ta'eef. Dubbiin Sagalee Waaqayyoo hundinuuraawwachuutu ta'a.

Kanaafuu, namoota garaOfii Isaatti fudhachuuf, Yesus iddoo isaaniif qopheessuuf deemeera. Namoonnisun eenyu fa'i, nuyi namootni galgala kana as jirru isaan keessaa tokko akkataane abdiin qaba. Keessa hin jirtu taanaan, yaa fira ko, namoota sanattidabalamuu barbaadda yoo ta'e, Waaqayyo karaa fi haala mijataa qopheesseea. Atimirga waan barbaadde gochuu qabda. Akka fedha keetii gochuu dandeessa. Garuu ammahubadhu, egaa, biyya lafaa kana irratti inni dhufuuf jira. Biyyi lafaa tokkodhufuuf jira.

21 Akkuman sila dubbadhe, lafa kana irratti dhalachuun keessan durseekan murtaa'ee

dha. Akka isin asitti argamuuf jirtan Waaqayyo dusee beeka.

Egaa amma hubadhaa,wanti maatiin keessan hojjetan illee, namoonni akka yaadanatti dhalootaa garadhalootaa hin ilaalu jedhu, garuu akka jedhamu miti.

Ergaa Ibrootaa keessatti, boqonnaa 7ffaa keessatti jedheen amana,achi keessatti Phaawulostu dubbataa jira jedheen amana, innis immoo waa'eetaatee guddaa tokkoo isa Abrahaamiin hojjetameeti, innis immoo isa inni yummuumootota tokko rukutee mo'atee utuu gala jiruu Malkiisedeqiif kudhan keessaatokko isaaf keennee ti. Egaa inni, “Yummuu Abrahaam mootata sana rukuteemo'atee utuu gala jiruu Malkiisedeqiin argetti, Lewwiin mudhii Abrahaam keessature” jedhe. Egaa, “Lewwiin inni sanyiin isaa kudhan keessaa tokko fuudhu,yeroo sana mudhii abaabilii isaa Abrahaam keessa waan tureef, innis kudhankeessaa tokko akka baaseetti isaaf lakkaa'ameera.”

Egaa Inni cubbuunamootaa dhalootaa gara dhalootatti ijoollee isaanii irratti in ilaala, innikun immoo Sagalee Isaa ittisuu hin danda'u. Hubattanii?

22 Isin hundi keessanuu duraan dursee akeeka Waaqayyoo keessa turtan.Waaqayyon biratti wanti akka carraa ta'u hin jiru. Inni waa'ee waan hundumaa inbeeka. Hundumati keessanuu, dhaloota isin dura fagoo jiran irraa galgala kanaasitti argamuun keessan duree akeekame. Isa kana beektuu? [Amantoonni, “Ameen”jedhan.]

Xiqqoo yaadaa, isinyeroo ta'e tokko… Isa kana ammas irran deebi'a. Isin yeroo ta'e tokkodhiigsanyii (gine) abbaa keessanii keessa turtan. Egaa yeroo sanatti abbaankeessan isin hin beeku ture, isinis yeroo sanatti isa hin beektan turtan. Garuu, hubadhaa, sana booda karaa gaa'ela qullaa'aatiin gadameessa haadha keessaniikeessa dhaabamtan. Sana booda fakkaattii abbaa keessanii taatanii dhalattan, sanaboodas waliin jiraachuu jalqabdan.

23 Egaa, karaan tokkichi isin ilmaa fi intala Waaqayyoo itti ta'uudandeessan Jireenya bara baraa argachuudhaani. Jireenyi bara baraa immoo tokkoqofaatu jira, innis Jireenya Waaqayyooti. Jireenyi Bara baraa tokko qofaatujira, inni Waaqayyo dha. Achitti ilma Waaqayyoo ta'uuf, yeroo hundumaa Isakeessa jiraattu turtan. Dhiigsanyiin jireenya hafuuraa keessanii galala kanaautuu molikiyuuliin hin uumamin dura iyyuu, Abbaa keessan isa ta'eWaaqayyokeessa ture. Hubattanii? Egaa isin waan tokko iyyuu miti, isin ilma Waaqayyoota'uu keessaniin dhiigsanyii jireenyaa isa Waaqayyo keessa ture dha malee.

Amma egaa ergaSagaleen Isaa isin keessa dhufee booda bara kana ibsuuf isin mul'ifamtaniittu.Isin jireenya Waaqayyoo isin keessa jiru calaqqisiisaa jirtu, sababiin isaaisin ilam yookiin intala Waaqayyoo ti. Kanaafuu, waanan jechaa jiru isiniifgaleeraa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Hubattanii? isin…Isin egaa uumamtaniigalgala kana Waldaa kana keessa taa'aa jirtu, sababiin isaa, hojiin keessan biyya kanatti, namootaa fi ollawajjiniin jiraattanitti Waaqayyoon calaqqisiisuu waan ta'eef.

Bakka kamii iyyuu yoo taatan, asitti akkaargamuuf jirtan Waaqayyo beeka, sababiin isaa, dhiigsanyii Isaa keessaa,yookiin elementii qaama Isaa keessaa tokko ta'uu waan qabdaniif. Isin isa ta'uuqabdu. Isin dur dur Jireenya bara baraa qabdu yoo turtan, inni yeroo hundumaaJireenya bara baraa ta'ee itti fufa. Waaqayyo uumamuu biyya lfaatiin dura akkaisin asitti argamtan beeka. Yeroo Sagalichi, yookiin bishaanichi, “Karaa dubbiiisaatii bishaaniin dhaqamuudhaan” yeroo isin irratti bu'u, inni lubbuunjiraachuu keessan in calaqqisiisa. Amma Abbaa keessan isa ta'e Waaqayyo wajjinakkuma abbaa keessan isa fooniitti Isaa wajjin feeloshiippii gochaa jirtu.Hubattanii? Isin lammiwwan Mootiiti; lammii iyyuu miti, isin ijoollota,ilmaanii fi intaloota Waaqayyo Isa jiraataati malee, kunis immoo kan ta'eefjireenyi bara baraa isin keessa bufatee waan jiruufi.

24 Egaa,yeroo sanatti Inni tureera yoo ta'e,Yesus guutummaa Waaqayyootu foon uffatee mul'ate. Inni guutummaa Waaqayyummaanamummaa Isaa keessa ture. Kanaafuu, yeroo Inni gara biyya lafaa dhufee foonuffatee mul'atetti, isin lafa kana irratti Isa keessa turtan, sababiin isaaInni Sagalicha ture waan ta'eef. “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture;Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichi foonuffatee nu gidduu buufate.” Sagalichi foon uffate. Kanaafuu, yeroo Inni lafairra turetti, isin Isa keessa waan turtaniif, isaa wajjin deemaa turtan. Isaawajjin dhiphattanii, isaa wajjin duutan. Isin isaa wajjin awwaalamtan. Ammaimmoo Isaa wajjin du'aa kaatanii, qaamota (attributes) Waaqayyoos mul'iftaniiiddoo Waaqarraa irra taa'aa jirtu; durumaan du'aa kaatanii, gara Jireenyahaaraatti ol baataniittu, Yesus Kristosiin keessa ta'uudhaanis iddoo Waaqarraakeessa taa'aa jirtu. Oo, bara har'aa kana keessa

akkas jedhamuun waan baay'eeguddaa ta'ee dha, yaa Waldaa! Yesus Kristos keessa iddoo qabachuu keenyaarguun, nuuf inni kun waan guddaa dubbatamuu hin dandeenye attamiiti!

25 Egaa, nuyi amaloota (attributes) Waaqayyooti taanaan, seeraWaldaan tumattu (Creed) dhaan jiraachuu hin dandeenyu. Nuyi damee amantummaatiinjiraachuu hin dandeenyu. Nuyi Sagalichaan jiraachuu qabna, sababiin isaa akkumahaati manaa kam illee dhaqna abbaa manaa ishee taate, Misirrottiinis dhagnaDhirsa Misirrichaati waan taateef. Kanaafuu, nuyi Sagalee Misirroo sana ta'uunkeenya dirqama. Sagaleen Misirroo sun maali? Inni mul'ina bara kanaati,Misirrottii ta'uu dha malee, seera Waldaatti irra deddeebi'amee dubbifamu(Creed) yookiin garee amantii tokkoo ta'uu miti; garuu mana qulqullummaaWaaqayyoo isa lubbuun jiraatu ta'uudhaan, amaloota (attributes) Waaqayyoo isa lubbuudhaan jiraatu ta'uudhaan, biyya lafaattiamaloota Waaqayyoo calaqqisiisuudhaan, toora amma Misirrottiin bara amma keessajiraachaa jirru kana keessa qabatte qabsiisuudhaan amalootni Waaqayyoocalaqqisiifamuu qabu.

Amaloota nuyi amma calaqqisiisaa jirru Maartiin Luuter hincalaqqisiifne, sababiin isaa, akkuma sanyii qamadii biqiluuf biyyoo keessabuufamee, inni kan isaas jalqaba du'aa ka'uu waan ta'eefi.

26 Amma egaa, isa kana deebinee irra deebinee in ilaalla. Tariikitaaba namni Jarmanii tokko natti qoosuudhaan barreesse dubbiftaniittu ta'a,akka inni jedhetti ani mankaraaressaa mankaraaressitootaati. Namichi, namagutumaan guutuutti Waaqayyoon mormuu fi keessa ba'uudhaan nama Waaqayyottiqoosu ture. Inni, “Waaqayyo Inni galaana diimaa addaan kutee saba Isaa ceesise,harka Isaa wal irra qaxxaamursee callisee (bara dukkanaa keessa) sabni hunduudhiphatee akka du'u, ijoolleen sun hunduu leencaan akka nyaatam godhe” jedheebarreesse.

Sin hubadhaa, sagntaamn hunduu, Waldaan hunduu, mul'ata Waaqayyooirratti ijaarama. Yesus Wangeela Maatewos boqonnaa 16 keessatti, “Kana yaadninama foonii sitti hin mul'ifne, Abbaa koo isa Waaqa irra jirutu sitti mul'isemalee” jedhe. Innis immoo maal ture? Mul'ata waa'ee Inni eenyuun akka turee ti.“Dhagaa hin sochoone kana irratti Waldaa koo nan ijaara, gooftummaan du'aasmatumaa wWaldicha irratti hin godhatu, hin mo'us.” Hubattanii?

Mul'anni Yesus Kristos inni bara kanakeessa jiru, mul'ata isa bara kan biraa keessa ture miti! Amma Inni maal akkata'e, Macaafni Qulqulluun in ibsa. Inni Misirrottii keessatti guddachaa jira,hanga guutummaa dhaabbii qaamaatti guddachaa jira. Kanaafuu, sanyiin qamadiiKristos biyyoo keessatti facaafamuu qaba erga ta'ee, Mirrottiinis barootadukkanaa sana keessa, facaaftee biyyoo keessa turuutu irraa eegama ture.Sanyiin lafa keessatti awwaalame immoo yoo du'e malee horee ofii isaa bakkabuufachuu hin danda'u. Waldaa guddittiin Inni guyyaa Pheenxeqoosteetti HafuuraQulqulluu erguudhaan hundeesses, dhiphifamanii wareegamuu fi balfaa keessaharkifamanii, bara dukkanaa keessa lafa keessatti awwaalamuu isaniitiin barriLuuter akka dhufu ta'e, akkuma kanatti itti fufuudhaanis dhufee bara dhumaakanatti guutummaa dhaabbii qaamaa Misirroo Yesus Kristos irra ga'e. Hubattanii?Karaan…hin jiru.

27 Kanaafuu, Ol Butamuun Misirrottii itti aanee dhufuuf jira. Durseekaroorsuu Waaqayyootiin hunduu deebi'ee bakka isaatti in deebi'a. Jalqaba waanhundumaa dura, Inni nama hundumaa, iddoo hundumaa, eenyu akka achi jiraatu,waa'ee waan hundumaa in beeka ture. Wanti hunduu dursee kan karoorfame ture. Asirratti akka inni ta'uuf jiru Waaqayyo dursee beeka. Yeroo…Inni akkataa sanattiisa uume, kunis immoo yummuu nuyi achi geenyutti… Inni iddoo nuuf qopheessuufdeemeera. Nuyi yummuu achi geenyutti, iddoon galgala kanaa qophaa'e kanatti,akkuma sa'aatiin kun nuuf qophaa'e kanatti, wanti hunduu kan nuuf qophaa'e inta'a. Eeyyee. Muroon Isaa inni duraan dursee Isaan murteeffame wantoota kanahundumaa Isatti hima.

28 Inni iddoo hundumaatti in argama, sababiin isaa, Inni beekaa waanhundumaa waan ta'eef; Inni beekaa waan hundumaati, sabbaiin isaa, Inni iddoo hundumaattiwaan argamuuf. Kanaafuu, dur murtee gochuu Isaatiin… egaa, Inni akka qilleensalafa irraa qilleensa'uu miti, sababiin isaa Inni Jiraataa dha waan ta'eef. Innioduu akkasumaan odeessan miti. Inni Jiraataa dha. Inni in buufata. Inni manakeessa iyyuu in buufata. Inni iddoo Bantii Waaqaa jedhamu keessa buufta. Kanaafuu,beekaa waan hundumaa ta'uun Isaa iddoo hundumaatti akka argamu Isa taasisa;beekaa waan hundumaa ta'uu Isaatiin,

Inni iddoo hundumaatti in argama, sababiinisaa, Inni beekaa waan hundumaa waan ta'eef.

Akkuma isin beektan, yummuu dhalattanii bara biyya lafaa kanattidhuftantti, dhalachuu keessan irraa jalqabdanii guddattan. Gara biyya lfaakanatti dhufuu keessan Waaqayyo waan beekuuf, isinis dhalattanii dhalachuukeessan irraa jalqabdanii hanga bilchaattanitti guddattan. Wanti yerooijoollummaa keessaniitti, akka dubartummaatti yookiin akka dhiirummaattikeessummaa isinitti fakkaachaa ture amma waan dhugaa isinitti fakkaata. Yerooijoollee turanitti isa hubachuu hin dandeessan turtan. Garuu amma, akkumaga'eessaa ta'aa dhuftaniin, wanti hunduu akka sirrii ta'e arguu fi hubachuujalqabdan. Egaa, isin, amma inni dhugaadhumatti isiniif hiikkaa waan tokkooti.

29 Dhalachuun hafuuraa keessanis akkasuma. Daa'ima xiqqoo yummuutaatanitti, gara iddoo aarsaatti baatanii waantoota hubannoo isaa hin qabaatinin hojjettu. Jiteenya keessan Kristositti in kennitu. Wantoota keessummaanamatti ta'an akkasii in hojjettu. Maalii akka akkas gootan in dinqifattu.Garuu yeroo muraasa booda, yummuu bilchaattanitti, akka Kristaana bilchaateettiwaan gootan sana in hubattu. Argitanii? Wanta nama cimsu wayiitu jira. Maalakka gootan hubachuu jalqabdu. Dhalachuu hafuuraa keessan! Dhaloonni fooniikeessan dholoota hafuuraa keessanitti in fakkeeffama.

Attamitti isiniif gala dhufe, jireenyakana keessatti akkuma guddachaa deemtan, wanti hunduu isiniif gala deema,sababiin isaa isa kanaaf uumamtan waan ta'eef. Galgala sana gubaa'ee dunkaanakeessatti godhame keessatti, yookiin Waldaa xiqqoo iddoo moggaa wayiittigubaa'ee godhame irratti bitaa isinitti galuun, keessuummaa namatti ta'uumitii, yummuu lallabaan mata duree wayii irratti lallabu, iddoo aarsaa sanattiwanti sirrii ta'e keessa keessanitti dhaga'ameeraa? Hubattanii? Hubattanii? Isakana Waaqayyo uumamuu biyya lafaatiin dura beeka. Hubattanii? Wanti isin yeroosantti hojjettan keessummaa isinitti fakkaata. Amma garuu hubattaniittu; waanta'e sana bartaniittu. Jireenya keessan kan keessatti, jireenya isa dhufuufjiru keessattis Inni isiif in ta'a. Biyyi lafaa fi jireenyi ishee akka isinbilchaattaniif waan gumaachite fakkaatti. Wanti hunduu akka gaariitti isiniiwajjin waan deemaa jiru fakkaata.

30 Namni asitti argamuun isaa akka caarraatiin ta'e jedhee, ani hinamanu. Amma xiqqoo yaadaa, yeroo gara biyya lafaa kanatti dhuftanitti, wantihunduu dursee isiniif qophaa'eera. Waaqayyo Inni waan gaggaaraa kana hundumaanuuf qopheessuu danda'e...nuuf hin gochuu hin danda'u jennee akkamitta akkayaadnu dhugaadhumatti naaf hin galu, nuyi amntii keenya Isa irra hin kaa'annu.Innis, erga Inni waan bita namatti galu keessaa baasee iddoo amma jirru kanattinu fidee, waan gaggaarii ireenya keenyaaf ta'u asitti nuuf qopheessee, wantoota dhufuuf jiran sana, Jireenya barabaraa akka inni nuuf qopheessuuf immoo hammam caalchifnee amntii keenya Isairra kaa'achuu qabna laata! Ani nan jedha, Inni baay'isee keessummaa infakkaata.

31 Bantiin Waaqaa iddoo haati koo waa'ee isaa natti himaa turtedhajedhee ani hin yaadu. Waldaan iddoo sana irraa guddatteetti jedheen amana.Akkan yaadutti waggoota dhibba tokko, yookiin dhibba lama dura, jaarsoliin akkajedhaa turanitti, namoonni du'an hunduu gara Waaqaatti ol ba'anii kiraarafudhatu, sana booda duumessa irra taa'anii kiraara rukutu. Egaa, isaan iddoonBantii Waaqaa jedhamu akka jiru baraniiru. Garuu, utuu akka isaan jedhan ta'ee,warri sirbituun hunduu bakkicha nurraa fudhutu turan, hubadhaa. Garuu iddichiiddoo akkasii miti. Guutummaadhumatti, inni waa'ee kiraara taphachuu miti.Macaafni Qulqulluun akkasitti akka hin barsiifne akka in amantu jedheen amana.Inni sun egaa yaad rimee utuu fiixaan ba'iinsi Sagalichaa hin dhalatani dura, yookiin banamuu Mallattowwan torbanii dura isaan qabni dha, innis immoo abdiibara kana keessatti ittiin hubachuu akka dandeenyuuf nu abdachiifame dha.

Akkuma iddoon asii kun dhugaa ta'e, BiyyiWaaqa irraa iddoo dhugaati jedheen amana, hubadhaa, Waaqayyo guddina hafuuraakeenya iddoo kana irratti jalqabe waan ta'eef. Biyyi Waaqa irraa iddoo kanaakan dhugaati jedheen amana, inni iddoo nuyi bara baraan duumessa keessajiraanna miti. Nuyi hundumtuu bara baraan kiraara keenya rukunna miti. Garuuiddoon nuyi itti deemaa jirru iddoo dhugaa, iddoo waa hojjennee itti jiraannudha. nuyi gara Jireenyaatti deemaa jirra, gara Jireenya bara baraa isa dhugaatti. Nuyi bara Biyya Waaqairraatti, gara Jannataatti deemaa jirra. Akkuma Addaamii fi Hewaan utuu cubbuun hin dhufin dura iddoo dhaabaaEden keessatti hojjetanii, nyaatanii, itti gammadaa turan nuyis karaa keenyaqabannee iddoo sanatti deebi'uuf deemaa jirra. Addaam inni jalqabaa, cubbuukaraa isaa dhufeen achi keessaa nu baase.

Addaam inni lammaffaa, qajeelummaakaraa isaatiin dhufeen iddoo sana keessatti nu deebisa; qajeelota nu godheeiddoo sana keessatti nu deebisa.

32 Namoonni kaasettii sanaargattan yoo jiraattan, Ergaa “Qajeelummaa” jedhu kan qabu, fuudhaatiidhaggeeffadhaa. Warri kaasettii sana argattan, akka isin isa hubattan nanbarbaada. Waa'ee isa irratti yeroo muraasa duran asutti lallabe.

Maatiin keessa warri lafa kanarraa, utuu isin gara biyya lafaakana hin dhufin dura, yeroo akka isin dhifaa jirtan beekaniin duratti,attamitti akka isaan qophaa'aa turan ilaalaa. Amma yeroo xiqqoodhaaf waa'eemaatii keessanii yaadaa. Maatiin keessan warri lafarraa maatii keessan isaWaaqa irraatti in fakkeeffama. “Egaa isin ijoollee keessaniif kennaa gaariikennuu erga beektanii, abbaan keessan inni waaqa keessaa immooo hammam isincaalaa warra isa kadhataniif waan gaarii kenna!” Dubbii kana Yesustu dubbate.Hubattanii?

Isaan qophaa'anii dhalachuu keessan eegaaturan. Isaan siree ijoollee hojjetanii, kophee boottii xixinnaa bitanii, wayyaadaa'immanii fi waan biroo bitanii isin eegaa turan. Isaa waan hundumaaqopheessanii dhalachuu keessan eegaa turan, isaan utuu isin gara biyya lafaakanatti hindhufin waa'ee keessaniif qophaa'aa turan.

33 Achi deemuu keenya qopheessuuf Yesus deemeera. Amma hubadhaa,“Mana Abbaa kootii keessa iddoo jireenyaa baay'eetu jira.” Yookiin, kottaa mee…

Ani Sagalichatti dabaluuf, yookiinSagalicha irraa hir'isuuf jedhee miti, sababiin isaa, nuyi akkas gochuu hinqabnu waan ta'eef. Mul'ata boqonnaa 22 keessatti, “Namni dubbii kanatti waa yoodabale, yookiin dubbii kana irraa waa yoo hir'ise,” in jedha. Garuu mee akkaitti dabaluutti utuu hin ta'iin, akka yaada ijoo isiniif kaa'uutti mee akkasingodha.

“Mana Abbaa kootii keessa iddoo jireenyaagosa baay'eetu jira.” Gara Waaqaatti yummuu ol baanutti hundumti keenya,dhugaadhumatti bnamni hunduu wal fakkaataa ta'a jedhee ani hin amanu. Hundumtuunama rifeensi mataa dhiilgee, yookiin nama rifeensi mataa gurraacha luuccaa,yookiin hundumatuu nama dheeraa guddaa (Giant) ta'a jedhee ani hin amanu.

Waaqayyo, Waaqayyo saba garaa garaatijedheen amana. Biyyi lfaa kun isa kana nuuf mirkaneessiti. Biyyi lafaa kuntulluwwan xixiqqaa fi gurguddaa qabda. Inni bal'eensa qaba. Inni lafa onaa qaba. Inni wantoota gosa garaa garaaqaba, sababiin isaa Inni akkataa barbaadetti isa uume waan ta'eef. Inniwaqtiilees in uume; arfaasaa, ganna, birraa fi bona uume. Inni waqtiilee uume.Kun kan agarsiisu Inni Waaqayyo gosa garaa garaa ta'uu isaa mul'isa. Inni haalagaraa garaatiin isin uume. Namoonni tokko tokko of tuultota dhugaati; kaanisaanii immoo warra seera amantiitti cichanii dha; kaan namoota gaggaarii dha;kaan isaanii immoo garraamii dha. Egaa Mootummaa Isaa keessatti namoota gosagaraa garaa hundumaa in argitu. Hubattanii?

34 Mee qulqulluu Phexros ilaalaatii Indiraayiin isatti faradaa.Hubattanii? Indiriyaas loltuu kadhataa ture, inni yeroo hundumaa jilbeenfateekadhataa oola. Ergamaan Phexros immoo warra akka ibiddaatti lallaban keessaaisa tokko. Phaawulos immoo hundumaa irra nama barate waan ta'eef…Inni akkaraajii wayiiti.

Hubadhaa, Macaafota Kakuu Moofaa afuran gara jalqabaa Museetubarreesse. Inni Kakuu Moofaa barreesse. Guutummaan Macaafichaa seerota,mootota, faarsaa, fi kanneen biroon, fi waan namni biraan raajotaaf barreessaniidha. Garuu Seerota Museetu barreesse; Macaafota Kakuu Moofaa afuran warrajalqabaa; Seera Uumamaa, Seera Ba'uu, Seera Lewwootaa fi Seera Lakkoobsaa isatubarreesse.

Macaafa Kakuu Haaraa immoo Phaawulostu barreesse. Kun dhugaa dha.Maatewos, Maarqos, Luqaas fi Yohannis hojii raawwatamee fi waan biroobarreessan. Garuu Phaawulos seeraa fi ayyaana gargar baasee iddoo qabsiise.Hubattanii? Inni barreessaa Macaafa Kakuu Haaraa ture. Inni Sagalee Waaqayyootoora qabsiisuudhaan Kakuu Haaraa barreessee nuuf kenne.

Amma, baay'ee,jecha jedhu hubadhaa, “Iddoo jireenyaa baay'ee,” iddoo jireenyaa gosa baay'eetujira.

35 Akkuma gosti gaara garaa garaa jiruuti; akkuma gosa laggeenii,gosa buqaa bishaanii fi gosa harowwaniiti. Isaan kun hunduu yeroo isinjalqabatti gara lafaa kana dhuftan asuma turan, sababiin isaa, arjummaa Abbaakeessan Isa Waaqa keessaatu as lafa kanarra isaan kaa'e. Sababiin isaa namoonnitokko tokko tulluwwan jaallatu. Namoonni kaan bishaan jaallatu. Kaan immoo lafaonaa jaallatu. Kanaaf, hubattanii,

yummuu as dhuftanitti uumamni isin keessajiraattan maal akka ta'uuf jiruu fi maal ta'uuf akka jiratan waan beekuuf, Inniakkataa isin isatti gammadanii jiraachuu dandeessanitti isa uume. Oo! MaalAbbaan dinqisaan akkasii jedheen yaada, hubadhaa, akkasitti isa uumuu isaahubadhaa.

Tulluwwan uumuu Isaatti nan gammada. Anitulloota nan jaalladha. Ani…Ani isa nan jaalla dha. Iddoo warri kaan, “Oo, nuyidhaabchuu hin dandeenyu…Oo, Inni saanduqa moonyee Isaa duwwaa gochuun diqamature.” Tole egaa, Inni kan isa duwwaa godheef akkan itti gammaduuf jedheeti.Hubattanii? Akkasumas yeroo sanatti, “Achi dhaabdhee fagaootti waanan arguudanda'uuf, ani lafa diriiraa nan jaalladha.” Tole egaa, nuyi uumama garaa garaalama, garuu lamaan keenya iyyuu Kristaana.

Garuu Abbaan keessan akka isin asittidhalachuuf jirtan dursee waan beekuuf, waan hundumaa utuu isin hin dhalatindura lafa kana irratti qopheessee isin eege. Ameen. Yeroo jalqabatti gara biyyalafaa dhuftanitti, inni waan hundumaa isiniif qopheessee isin eege. Wanti Innihojjete kun waan dinqisiisaa mitii yummuu itti yaadnu?

36 Egaa, egaa amma, garuu yaadadhaa, isaan kun kennaa yeroodhaafkennamitti in fakkeeffamu. “Egaa, akkuma nuyi beeknu Museen, yummuu godoo walga'ii sana lafa onaa keessatti ijaaretti, yookiin yummuu isa qopheessaaturetti, inni akkataa duraa duuba waanan Waaqa keessatti argeettin hojjedhejedhee dubbate.” Hubattanii? Kanaafuu, wantoonni lafa kana irraa wantootniWaaqa irraa maal akka ta'an in calaqqisiisu. Egaa biyyi lafaa nuyi har'a keessa jiraachaa jirrukun yoo baay'ee kan nama gammachiiftu taate, ishee in jaallanna; jiraachuu injaallanna, qilleensa in fudhanna, daraaraa fi wantoota biroo ilaallee itti ingammadna; wanti lafarraa kun calaqqee waan tokkoo yoo ta'e, wanti du'aa jiruwaan bara baraan Jiraatu in calaqqisiisa. Yummuu muka wal'aansoo waan biraatiinqabu, yuummuu inni dhiibbatee jiraachuu yaalii godhu yeroo argitanitti, muktiwal'aansoo akksii hin goone iddoo ta'e tokko jira jechuu dha.

Yummuu nama jiraachuuf wal'aansoo qabu argitan, yummuu namni ta'e tokkohosptaala keessatti, yookiin dhukkubstee siree irratti, yookiin balaa tasaatiinwal'aansoo qabu, yummuu duuti liqimsituu isaatti rakkattee isa wixxifachiiftu,isa boossiftu, jireenyaaf isa onnachiiftu, wanti kun hunduu maal nutty mul'isa?Iddoon ta'e tokko jira, iddoon namni jireenyaaf wal'aansoo keessa galee ittihin boonyee fi itti hin watwaanne tokko akka jirachuu isaa mul'isa. Hubattanii?Inni achitti wal'aansoo akkasii hin godhu.

Amma egaa, iwantoonni kun kennaa yeroodhaaf nuuf kennami dha,isaan Isa iddoo Bara Baraa jiru sana calaqqisuusu. Innis immoo isa Yesus nuufqopheessuuf deeme, Iddoo Bara Baraan keessa jiraannu sana dha. Egaa, isaan kunhunduu wanti isa lafarraa kana fakkaatu, garuu giddinaan isa kana caalu akkajiru calaqqisiisu, sababiin isaa isaab gosuma tokko waan ta'aniif.

37 Macaafni Qulqulluun akkuma dubbatu, “Godoon jireenyaa keenya,[kana jedhuun dhagni keenya,] lafa kana irraa yoo jige, ijaarsa harki namaa hinijaarin, mana bara baraan bantii waaqaa keessa jiraatu, Waaqayyo biraa akkaqabnu in beekna.”

Akkuma daa'ima xiqqooti, maasheeldaa'immanii qaqalloon sun haadha keessa yummuu jiranitti kan dabuu fi maramuukan danda'u dha. Garuu battaluma… Hubattanii? Egaa hubadhaa, dubartii tokkofuutee, isheen gowwaa ijibbaachifte yoo taate illee, isheen yummuu haadha mucaataatutti, muchaan dhalchuuf yeroon xiqqoo yeroo hafutti, dubartittii keessattigara laafummaatu mul'achuu eegala. Naannoo isheetti dhi'aadhu, yeroo hundumaawaan tokko qabaatti, isa duraa irra gara laafettii in taati. Maaliif, harfuuraergamaa Waaqayyootu dhagna uumamaa simatutu jira. Battaluma mucaan dhalatutti,hafuurri jireenyaa mucaa keessa gala. Kan hafuuricha itti baafatu Waaqayyodha,sana booda hafuurichi lubbuu jiraataa ta'a. Egaa, battaluma daa'imni kundhalatutti, dhagni afuuraa isa simachuudhaaf achitti argama.

Egaa amma, yummuu dhagni kun as lafa kanairratti dhalatutti, akkuma daa'imaa dhalatu, dhagni hin duunes huufiicha iddooisaa jalqabaatii deebisee simachuuf eegaa jira. Oo, maal wanti guddaan akkasii!Nuyi amma Kristos Yesus keessa jirra, (ameen), nuyi daa'immani, daa'imman Kristosi, ijoollee Waaqayyoo warra dhufaatiiGooftaa keenya Yesusiin guutummaatti hiikamuuf eeggachaa jirani dha,...garaOfii Isaatti nu fudhachuuf, yeroo sanatti, dhagni keenya inni du'u kun dhagnaisa hin duune in uffata.

38 Wal fakkeenyummaan wantoota Inni godhe hubdumaa, wantoota dhufuufjiran in calaqqisiisa. Akkuma dhagna asitti siniif kenne, dhagna isa kana akka keessa

jiraattaniifisiniif kenne kan kenne, inni kana irra caalu, inni dhuffuuf jiru akka jirucalaqqisiisuuf jedheeti. Hubattanii? “Bifa namicha isa lafa irraa akkumafudhanne bifa namicha isa Waaqa irraa fudhachuuf jirra.” Bifa isa Waaqa irraaisa hammina of keessaa hin qabne fudhachuuf jirra. Egaa bifni keenya inni kunhammina of keessaa qaba, dhukkuba, du'a, gadda of keessaa qaba. Waa'ee kanaadhi'eessa kana mata duree JijjiiramaSagalee Waaqayyoo jedhu keessatti, dhgni keenya kun attamitti hammina ofkeessaa akka qabu ibseen ture.

Qaroominni ammayyawaa nuyi keessa jiraachaa jirru kun hunduu kanSeexanaati. Isa kana in amantuu? Macaafni Qulqulluun kan Seexanaati jedha;mootummaan biyya lafaa kanaa hunduu kan isaati. Nuyi garuu isa kana amanuu hinbarbaannu. Garuu Macaafni Qulqulluun bulchiinsi hunduu, mootummaan biyya lafaahunduu kan Seexanaa akka ta'ee fi Seexanaan akka bulfamu ifaan ifatti lafakaa'eera. Seexanni Yesusin ol baasee mootummaa biyya lafaa kanaa hundummaa,maal akka ture, yeroo sanatti maal akka ta'ee fi maal akka ta'uuf jiru Isattiagarsiise. Seexanni isaan hunduu kan isaa akka ta'e dubbate, Yesusis isa kanaisatti hin falmine, sababiin isaa, inni waaqayyicha biyya lafaa kanaati waanta'eef. Hubattanii? Inni Yesusiin, “Yoo Ati kuftee anaaf sagadde, mootummaabiyya lafaa kanaa hundumaa Siif nan keenna” jedhe. Hubattanii? Inni aarsaamalee, hunduma isaanii Yesusitti dabarsee kennuuf yaalaa ture. Hubattanii? Innibulchaa mootummoota lafa kanarraa Isa gochuuf yaalaa ture.

Garuu biyyi lafaa cubbuu hojjettee qabdi.Kanaafuu, adabbiin cubbuu du'a, Innis du'uu qaba ture. Sababiin Waaqayyo foonuffateef isa kana, Inni du'a fudhatee gatii adabbii sana kaffaluu danda'eera.Duuti deebi'ee nutty dhufu hin jiru. Duuti deebi'ee waan dhufu miti. Nuyi warrigalqagala kana asitti walitti qabnee jirru kun qondaaltota Mootummaa Isaati,Maqaa Mootii keenya Yesus Kristosiin iddoo Waaqa irraa irra teenyee jirra.

39 Amma, biyya lafaa nuyi keessa jiraachaa jirru, barnoota kana.Isiniifan mirkaneessa. Barnoonni, saayinsiin, qaroominni, wantoonni nuttyfakkaannaan ittiin bashannanaa jirru kun hunduu kan Seexanaati, baduufis jira.Ati, “Obboleessa koo Branhaam, qaroominni moo?” in jetta. Eeyyee, obboo.Qaroominni Seexanaan dhufe. Uumamni boqonnaan afur isa kana mirkaneessa.Hubadhaa, qaroomina kana ilma Qaayintu jalqabe, magaalaa ijaaruu, meeshaamuuziqaa hojjechuu fi kanneen biroo ilma Qaayintu jalqabe. Qaroominni beekumsaandhufe. Beekumsa immoo Seexanatu iddoo dhaabaa Eeden keessatti Hewaanittigurgure, beekumsichis abboommii Waaqayyoo irra daddarbuu isheetiif sababa ta'e.

Biyya lafaa itti deemaa jirru keessasqarominatu jira, garii inni gosa qaroomina isa kanaa miti, qaroominni inni kundukkuba, gadda, kajeellaa, du'a qaba waan ta'eef, wanti qaroomina kanakeessatti argamu hunduu waan qajeelaa miti. Garuu qaroomina isa dhufuuf jirusana keessatti wantoota armaan olii keessaa tokko iyyuu achi keessatti hinargamu. Saayinsiin achitti nu hin barbaachisu.

Hundumaafuu, saayinsiin waan jalqabaa(Original) ta'e tokki dabsuu dha. Hubattanii? Molikiyuulota gargarcaccabsitanii, atoomita gargar caccabsitanii ittiin of balleessuuf kanaa fi sana in hojjettu. Kanarukutuuf, waa ajjeesuuf qawwee hojjettaniittu. Konkolaataa hojjettan. Boba'aafi meeshaalee lafa keessaa qottanii baaftanii fixxanii, faayiberii lafaadadhabsiiftanii, akka lafti ol danfu gootu. Ariitii maayilii sagaltamaasa'aatiitiin iraan gadee karaa kaattanii nama ajjeeftu. Hubattanii? Oo, baay'eenu dhiphis, nu mudda, in ariifanna, ariifannee in konkolaachifan. Oo! Inniguutummaan isaa kan Seexanaati.

Mootummaan Waaqayyoo konkolaataas ta'exiyyaara kamiin iyyuu, yookiin argannoo saayonsii kamiin iyyuu of keessaa hinqabu. Lakki. Inni guttummaadhumatti barnoota kamiin iyyuu of keessaa hi qabu.Inni barnoota kanarra baay'ee guddaa ta'e, isa barnoonni inni kun yaadee biraga'uu hin dandeenye ta'uuf jira. Hubattanii? barnoonni, qaroominnii fi isaan kunhunduu Seexana irraa dhufa.

Egaa, ati, “Obboleessa koo Branhaam, ergaakkas ta'ee maaliif dubbifta?” in jetta.

40 Hubadhaa, gaaffaiin kun, maaliif wayyaa uffatta? Jechuu wajjintokkuma. Qaroomina isa dhufee ture sanakeesatti, jalqabatti, wayyaa gosa kam illee hin isaan hin barbaachisu ture.Isaan golgamanii turan. Wayyaa uffachuudhaaf wanti isaan sababeeffachiisu hinjiru ture, sababiin isaa, isaan qullaa akka ta'an hin beekan turan. Amma isini…Egaa amma kan hubadhaa, yeroo cubbuun biyya lafaa aguugetti, qullaa

ta'uukeenya erga barree booda wayyaa uffachuutu nurraa eegama ture. Garuu jalqabattiakka hin turre; cubbuun hin jiru ture. Hubattanii?

Amma egaa, karaan qaroominaas akkuma kana, inni wal faana deema.nuyi in dubbifna. Nuyi in barreessina. Nuyi kana in goona. Garuu raawwattaniiisatti of hin kenninaa. Waaqa keessan isa hin godhatinaa, inni waaqayyichakominiziimiiti waan ta'eef. Hubattanii? Inni kan Yesus Kristos miti.

41 Yesus Kristos amantiidhaan jira; waan saayinsiidhaanmirkaneessitan utuu hin ta'in, waan wanta amantii dha. Amma galgala kanaWaaqayyo mana kana keessa jiraachuu Isaa ani saayinsiidhaan isiniifmirkaneessuu hin danda'u, garuu nan beeka Inni as jira. Garuu, amantiin, isa inmirkaneessa.

Abrahaam dubartii umuriin ishee garawaggaa dhibbaatti siqaa jiru irraa mucaa godhachuuf akka jiru, saayinsiidhaanisiniif mirkaneessuu hin dandeenye. Garuu amantiin isaa isa kana inmirkaneesse. Hubattanii? Mirkana saayinsii kam iyyuu hin barbaachisu. Maaliifjennaan,…Maaliif jennaan, doktooriin, “Jaarsi kun maraateera, dubartii sanairraan mucaa godhadha jechaa jira; inni umuriin isaa waggaa dhibba, isheenimmoo waggaa sagaltama” jechuu danda'a ta'a. Garuu, hubadhaa, Waaqayyo waantokko dubbannaan, inni saayiinsii hin barbaachisu. Sagalee Waaqayyootti amanuufamantiidha malee, saayinsii nama hin gaafatu.

42 Kanaafuu manni barumsaa keenya kun dho'iinsaan kan barbadaa'uudha. Waaqayyo, “Dhaqaa mana barumsaa ijaaraa” hin jenne, yookiin, “Manabarumsaa Macaafa Qulqulluu ijaaraa” illee hin jenne. Isa kana beektuu?[Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Inni “Wangeela lallabaa” jedhe. Inni kundhugaadhumatti sirrii dha. Hammanbeekutti wanti akka Sirna barnootaa keenya kanaa Waaqayyo irraa nu fageessu hinjiru, inni kuun sirrii dha, inni Waaqayyo irraa nu fageessa. Mana barumsaa, hospitaalaa fi waan kana fakkaatan hin ijaarinaa; inni kun kan warra biyyalafaa fi kan garee sanaati. Garuu, ani isaan kanaan waanan mormu tokko illeehin qabu; isaan ga'ee taphatan qabu, garuu amma iyyuu wantichi isa kana miti.

Snuyi hospitaala akka gaariittiijaarree, qoricha isa caaludha jennee arganne yaalii goona, kumaatamnis isumakeessatti du'aa oolu guyyaa guyyaadhaan. Garuu, Oo, yaa anaa, MootummaaWaaqayyoo keessatti duuti hin jiru, gadduun hin jiru. Ameen. Wantoota biyyalafaa kanaa nu hin barbaachisu. Nuyi garuu waan kana irraa, gara waan dhugaaisa kan Waaqayyootti darabineerra; iddoo ciniinnannee aragnnoodhaaf saayinsiiwajjin wal'aansoo qabnu irraa garasitti darbineerra. Egaa hammuma saayinsiidaballee argachaa deemnu, daballee du'a ofii keenya irratti fidaa deemna. Nuyidirree waraanaa itti injifatamanitti bobbaanee jirra, kanaafuu, of irraadeebi'aatii meeshaa keessan hiikkadhaa. Egaa, amntiidhaan, galgala kana YesusKristos Ilma Waaqayyootti amanaatii Isa fudhadhaa. Inni Isa Tokkicha sana.

Saayiinsiin maaliif isin qopheessaa jira? Du'a isa caaluuf. Kunsirrrii dha. Saatalaayitii fi wantoonni ol furguggufan kunhunduu du'a addunyaamara waliin ga'aa jiru. Gara waan sanaa in ilaalinaa. Mataa keessan wantootakana gararraatti, gara bantiiWaaqatti ol dabarfadhaa. Iddoo Yesus taa'ee jiru,“Mirga Waaqayyo Abbaa” ilaalaa, galgala kana, “isiniif kadhachuudhaaf achi injiraata.” Nuyi dubbiin Sagalee Isaa dhugaa akka ta'e inamanna.

43 Amma egaa, jireenyi lafa irraa kun hammina hundumaa of keessaaqabaachuu isaa argina, garuu Jireenyi inn dhufuuf jiru sun hammina of keessaahin qabu. Inni kun kajeellaa, dhukkubaa fi du'a of keessaa qaba. Sababa maalta'eef? Inni kun mana Inni nuuf qopheessuuf deeme miti waan ta'eef. Inni manadhukkubaa (Pesthouse) dha. Manni dhukkubaa maal akka ta'e beektuu? [Amantoonni,“Ameen” jedhan.] Sirrii dha. Iddoon amma keessa jiraachaa jirtan manadhukkubaati. Manni dhukkubaa iddoo namoonni dhukkuba daddarbaa qaban keessattiwalitti qabamanii dha. Egaa, wanti cubbuun nurratti raawwate isa kana, cubbuunmana dhukkubaa isa ta'e biyya lfaa kanatti nu galche. Isin…Yaaltonni fayyaanamni biraan akka mana dhukkubaa seenuuf hin eyyamani, maaliif jennaan,jarmiwwan dhukkubaa manicha keessa guutanii waan jiranii salphaadhumattijarmoota sanaan akka hin faalamneef jedhameeti. Egaa cubbuun fidee manadhukkubaa isa kana Seexanaatti nu galche.

44 Oo, garuu inni kan biraan,“Mana Abbaa Kootii” jedhama. “Ani deemee iddoo isiniif nan qopheessa. Manadhukkubaa kana keessaa isin baasee Mana Abbaa Kootiitti isinan galcha.” Ameen.Amma iyyuu achi jirtu; mana dhukkubaa biyya lafaa kana keessaa isin

baasa. Inniiddoo qopheessuuf deemeera, iddoo mudaa tokko illee hin qabne, iddoo hamminnihin jirre, iddoo dhukkubi hin jirre, iddoo du'aa fi dullumni hin jirreqopheessuuf Inni deemeera.

Iddoo isin itti waamamaa jirtan mudaa kanhin qabne waan ta'eef isinis warra mudaa hin qabne ta'aa, isins iddoo sanattigaluudhaaf warra mudaa hin qabne ta'uu qabdu. Isa kana Macaafa Qulqulluutudubbata. Yesus, "Egaa Abbaan keessan Inni waaqa irraa mudaa malee akkuma ta'e,isinis warra mudaa hin qabne ta'aa" jedhe. Inni Mootummaa mudaa hin qabnee dha,namoonni achitti galanis warra mudaa hin qabne ta'uu qabu. Sababiin isaa, isinidhaabattannii Ilma Waaqayyoo isa mudaa hin qabnetti heerumuuf waan jiratniif,Misirroo mudaa hin qabne ta'uu qabdu. Kanaafu karaa kan biraa kamiin isa kanagochuu dandeessu, Sagalee Waaqayyoo isa mudaa hin qabne, isa, "Bishaanqulleessaa ta'ee Isa cubbuu keenya nurraa dhiqee qulleessuun" yoo ta'e malee? Ameen. Kun sirrii dha. Dhiiga YesusKristos, mee waa'ee Isaa yaadaa, Sagalee jidhaa, Dubbii Sagalee Dhiigaangolgame. Ameen. Dhiigichi, SagaleenWaaqayyoo Misirrottii dhiqee qulleessuuf dhiigaa jira. Ameen. Eeyyee, obboo.Isheen durba taatee, guutuu taatee, mudaa kan hin qabne taatee in dhaabatti.Isheen iddoo isa duraa sanatti iyyuu raawwattee cubbuu hin hojjenne. Ameen. Isheenkiyyoodhaan isa keessatti qabamtee turte. Hubattanii?

Mana Abbaa Isaa isa Inni nuuf qopheessuudeemetu qabna.

45 Inni kun quunnamtii saalaatiin kufuu irraa waan dhufeef,kufaatiidhumaan kufuu qaba. Hammam wantoota dulloomaa durii yoo ol tuultaniiyyuu, isheen kufuuf jirti. Isheen gooteetti, isheetti faradameera, sababiinisaa Waaqayyotu akka jedhe. Isheen baddeetti. Waaqayyo ishee balleessuuf jedha.Inni akkas jedheera. Wanti hundinuu irra deebi'anii haareffamuuf deemu. Isakanatti in imantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.]

Jalqabatti yummuu biyyi lafaadhalattetti, Waaqayyo yeroo bishaan gara duubaatti lafa irraa dhiibetti, Inniakkuma bishaan gadameessa haadha deessuu keessaa dhiibu godhe, maaliif jennaan,biyya lafaatu dhalataa jira yeroo sanatti. Namnis yeroo Waaqayyo lafarra isaankaa'etti laficha irra jiraachuu jalqaban. Sana boodaa isaan cubbuu hojjechuujalqaban. Lafichis immoo bara Nohitti bishaaniin liqimfamee cuuphame. Ittiaansuun immoo Uumaan lafichaa Dhiiga Isaa irratti dhangalaasee lafichaqulqulleesse.

Egaa amma inni kun karaa ittiindhuftaniidha, karaa qajeelummaatiin Waaqayyotti amantan. Cubbuun keessan akkaisiniif haqamuuf qalbii keessan jijjiirrattaniittu. Isin cubbuu keessanWaaqayyotti himattaniittu, Innis isa isiniif dhiiseera. Sana booda cubbuunkeessan akka isiniif dhiifame agarsiisuudhaaf cuuphamtaniittu; Afaan keessaniinnamootatti dubbachuudhaan, Yesus Kristos akka isiniif du'e amanuu keessan biyyalafaatti agarsiiftaniittu. Isinis immoo… Iddoo iddoo keessa bu'e, amma immooisin iddoo Isaa in dhaabattu. Inni isin kan ta'eef, isinis akka Isa taataniifi.

Sana booda qulqulleessuun humnaWaaqayyoo amala hundumaa jireenya keessan keessaa haqee qulqulleesse. Isin durxuuxaa, dhugaa, waan sirrii hin ta'in godhaa, sobaa, waan baay'ee gochaaturtan, amma garuu dhiiftaniittu. Sana booda humni qulqulleessuu Dhiiga YesusKristos jireenya keessan keessa dhufee waan hundumaa isin irraa fuudhe. Wanta sirriihin taane tokko yoo dubbattan, daftanii, "Xoqqoo turi mee. Irra naaf deebi'i.Waan akkasii dubbachuun narraa hin eegamu" jettu. Hubattanii? Egaa iddoosanatti Seexanatu futtaasaa isin dura kaa'e. Garuu akka irraa deebitaniifayyaana argatta, Kristaana dhugaa yoo taatan, "Nan dogoggore" in jettu. Eeyyee.kanaafuu, amma…

46 Amma egaa, wanti isin itti aansitanii fudhattanii turan cuuphaaHafuura Qulqulluu fi Ibiddaa ti.

Amma egaa, Waaqayyo, Barkumeen kun yummuuxumuramutti, Waaqyyo biyya lafaa kana ibiddaan cuuphuuf jira. Wanti hundinuu dhowiinsalafa keessaatiin barbadaa'uuf jira. "Bantiwwan waaqaa fi lafti ibiddaanballeeffamuuf kaa'amnii jiru." Isa kana Phexrostu dubbate. Egaa cuuphaaibiddaatiin, Wanti hunduu irra deebiidhaan haareffamuuf jira. Sana boodabantiin waaqaa haaraa fi lafti haaraa in uumama. Yeroo sanattis qajeelummaanisa keessa in buufata.

Innis iddoo nuyi amma jirru dha. Nuyiwarra jiraatanii du'an irraa, warra yeroo lakkaa'aa jiraatan irraa, gara warrabara baraan Jiraataniitti in ceeneerra. Yeroo Sagaleen Waaqayyoo lubbuu keenyaqabatutti, ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo taanee, amaloota

Isaatiin,dhiigsanyii Waaqayyoo nu keessa jiruun, ilmaanii fi intaloota Abbaa keenyaa, Waaqayyo isa Waaqa keessa jiraatuu taanee, "Abbaa, Yaa Abbaa! Waaqayyo Koo,Mana Abbaa kootii" jenee in waammanna.

47 Amma egaa, biyyi lafaa isheen moofaan kun in kufti, sababiin isaa,isheen karaa wal quunnamtii saalaatiin dhufte waan taateef. Jalqabatti, isheenkaraa Waaqayyoof abboomamuu diduutiin dhufte. Nuyis karaa wal quunnamtiisaalaatiin gara biyya lafaa kanaa dhufne, karaa kufaatiitiin dhufne, innisimmoo karaadhuma dhufe deebi'ee in kufa. Garuu inni kan biraan Inni amma isiniif qopheessaa jiru kufu, sababiinisaa, Inni akka hin kufnetti isa hojjechaa jira. "Ani deemee…"

Dhagna akkasii kana keessa jiraachuunmaal nuuf godha? Du'a wanti jedhamu jiraachuu isaatti hin gammaddanii?[Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Amma inni kun keessummaa mitii? Garuu amma, haajennu mee, fakeenyaaf…

Waggoota muraasaan dura ani ijoolleedhiiraa xinnaan ture, amma immoo ani nama umurii walakkeffate irran jira.Hiriyaa kuunnoo kallattii sana irra taa'ee jirun qaba, innis obbo Daawuch dha,inni guyyoota muraasaan dura waggaa sagaltamii sadii guute. Mee amma isa ilaalaa. Wagga afurtama, yookiinafurtamii shan dabarsee jiraate, kan koos akkasuma ta'uuf jira. Egaa ammaswaggaa afurtama kana biraa isaaf dabalaa. Garamitti deemta laata? Wantitokkichi…

48 Wanti mana dhukkubaa sana keessaa nu baasu jiraachuu isaatti nangammada. Balbala banamaatu jira, innis du'a jedhama. Yesus balbala sana keessadhaabateera. Ameen. Inni galaanichairratti harka na qaba. Inni balbala sana keessa harka qabee na dabarsa. Balbalaguddaa du'a jedhamutu gama sana jira. Akkaataadhuma onneen keessandha'attuun, gara sanatti dhi'aachaadeemtu. Guyyaa tokko gara balbala sanaatti dhufuun koo dirqama. Isins gara sanadhufuun keessan dirqama. Garuu yeroon gara santti dhufutti, ani hin sodaadhu.Ani sodaadhee iyyaa duuba deebi'uu hin barbaadu. Ani gara balbala sanaattidhufee, wayyaa qajeelummaa Isaa uffachuun barbaada (Kan koo miti), kan Isaamalee.

Isa kana nan beeka, "Ani humna du'aaka'uu Isaa keessattin isa beeka." Yummuu inni waamutti, mana dhukkubaa kanakeessaa ba'ee isatti dabalamuuf, warra du'an keessaa nan ka'a. Dhagni koo kunbakka kamitti yoo kufes, iddoo kamittuu yoo awwaalame, waan barbaade iyyuu yoota'e, ani guyyaa tokko achi keessaa nan ka'a, sababiin isaa Inni naaf kakateerawaan ta'eef. Nuyis in amanna. Eeyyee, obboo. Inni Isa jigee hin badne hojjetaajira.

49 Har'a biyya lafaa kana irratti dubartiin da'umsa eeggachaa jirtu,attamitti akka isheen waan akka salphaatti hin argamne kajeeltu qalbeeffadhaa.Waanan dubbachaa jiru kana, warri ga'eessonni in hubattu jedheen abdadha.Dubartiin daa'ima da'uuf ulfooftee jirtu, qaama keessaa yoo waa isheettihir'ate, isheen waan salphaatti argamuu hin dandeenye (certain thing) kajeeluujalqabdi. Attamitti abbaan daa'imattii…ilaalaa.

Nan yaadadha, nuyi maatii baay'eehiyyeessa ta'e keessatti guddanne, kanaafis yeroo daa'ima turretti waan nyaatanargachuun baay'ee nutti ulfaata ture. Baay'ee keessanis rakkinni akkasiiquunnameera.

Kanaaf egaa, dubartiin ulfaa utuu daa'imahin da'in dura attamitti waan tokko tokko kajeelti. Abbaan daa'ima dhalachuufjirtuus suuqa meeqa lixee waan isheen kajeelte sana isheedhaaf barbaada.Hubattanii? Wanti akkas ishee godhu qaama isheeti, dhagna isheetu kaalshiyeemiifi waan kana fakkaatu, akkasumas vitaaminoota ofitti fudhachuu barbaada. Juuni'eengammadaa jira, argitanii, inni daa'ima isaa dhalachuuf ga'aa jirtuuf nyaataa fiwantoota biroo hawwaa jira. Egaa haatii fi abbaan, daa'imni dhalachuuf jiruhamma danda'ametti daa'ima mudaa hin qabne ta'ee akka dhalatuuf baay'eedhama'u. Maatiin keessan attamitti akka godhan hubattanii? wanti tokko yummuubarbaachisutti, haati daa'imaa waan sana dhugaa baati, hubadhaa, sirni qaamaain gabbata. Isinii galeeraa? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Inni kun egaa, yummuuwanti tokko lafa kana irratti daa'ima dhalachuuf jettuu barbaachisutti,dubartiin ulfi sun waan sana in kajeelti.

50 Amma, mee daqiiqaa tokkoof callisaatii yaadaa. Maaliif nuyihaaromsa amantii qabaanne? Nuyi maaliif walga'ii waliinii gaodhanna? Ani maalifanyeroo hundumaa namoota ifadha? Ani maaliifan isin dubartoota warraPheenxeqoostaaliitiin, "Halluu dibachuu, Meekaappii godhachuu, rifeensa keessangaggabaasuu (bobbing hair) fi wantoota kana fakkaatan godhuu dhiisaa" isiniinjedha? Maaliifan kana hundumaa jechaa

jira? Sababiin isaa, pheenxeqoostee warri durii akkas hin godhan waan ta'eefi.Karaan Macaafa Qulqulluu inni dhugaan kana gochuu dhiisuu dha. Isin qumxaa fiwayyaa fedhii dhiiraa kakaasu kanneen uffattu, Macaafni Qulqulluun, Waaqayyoonbiratti wanti kun waan ciiggaasisaa dha akka jedhu beektuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Garuu nuyi isaeyyamna. Maaliif Hafuurri Qulqulluun walitti fufiinsaan iyya? Wanti ta'e tokkoakka dhabame Inni waan beekuufi. Guddaannee hamma safara dhaabbii Yesus Kristosga'uun keenya dirqama. Ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo ta'uun keenya dirqama.Gochaa keenyaan akka ijoollee Waaqayyootti deddeebi'uun keenya dirqama.

51 Yeroo dheeraatiin dura, oduu gabaabduu tokkotu dubbatamaa ture.Obboleessa keenya bifa gurraacha qabu, isa duuba sana taa'aa jirun yaadadhe.Karaa Kibbaatiin, dur namoonni garba daldalu turan. Egaa innis, isaan godasanaa garboota qabu turan, kuni yeroo daldalli garbaa turetti, utuubirmadummaan hin labsamin dura ture. Namoonni egaa isaan deemanii isaan bitu,akkuma nama konkolaataa bituu, caal-baasiidhaan nama bitu turan. Isaan akkumanama eyyama daldalaa baafatee konkolaataa bitee gurguruutti, eyyama baafataniidhala namaa bitanii gurguru turan. Isaan daldaluuf eyyamatu siif kennama.

52 Guyyaa tokko namni garba bitu tokko dallaalaadhan dhufe. Innigara…tti deema ture. Iddoo lafa qonnaa babal'aa sana garba bituuf deeme.Namichi iddoo lafa qonnaa bal'aa bakka iddoo isaan garboota baay'inaan qabantokko deemee, garboota hammam akka qaban ilaaluu barbaade. Hundumti isaaniiachitti hojii irra turan. Isaan namoota gaddan turan. Isaan mana isaanii irraafagaatanii jiru. Isaan namoota Afirikaa irraa dhufan turan.

Isaan gara kanatti ol isaan fidu turan.Warri sanyii Neezerlaad qaban kan Afrikaa kibbaa keessa jiraatan astti ol isaanfidanii kan gurguran yummuu ta'u, isaan namoota baay'ee gaddani dha. Isaanlammata biyyatti deebi'anii akka hin galle ni beeku. Biyyuma sana jiraatanii,achumatti akka du'an beeku. Yeroo baay'ee ba'aa ulfataa isaanitti fe'aniiqacceedhaan isaan garafu. Isaan qabeenyaa namicha isaan bitee waan ta'aniif,inni waan barbaade isaan irratti raawwata. Isaanis callisanii… Inni isaajjeesuu yoo barbaade, isa in ajjeesa. Inni waan barbaade isa godha. Inni kunegaa akkuma isa Israa'el turtee garbummaa dha, biyyoonni baay'een garbummaajala turaniiru. Isaan garboota hiyyeessota kan isaanii godhatu. Isaa callisaniiisaaniif hojjetu. Isaan akkuma isin beektan yeroo hundumaa in boo'u, in gadduturan.

53 Garuu isaan garboota sana keessaa namicha dargaggeessa tokkohubatan, inni qoma isaa baasee dhiiba ture, mataa isaa akkasitti ol qabatee deema. namni qacceen isa dha'u gonkumaa hinjiru. Namni waa hojjedhu jedhee isatti dubbatu gonkumaa hin jiru. Egaadallaalichi, “Garbicha sana bituunbarbbada” jedhe.

Namichi immoo, “Inni hin guguramu”jedheen.

Dallaalichi deebisee, “Ani isa bituunjaalladhe” jedheen.

Namichi immoo, “Lakki. Inni hingurguramu” jedheen.

Dallaalichi, “Inni hundumaa isaanii kanhoogganuudhaa?” jedheen.

Namichi immoo, “Lakki. Inni hooganaamiti. Inni garba” jedheen.

Dallaalichi, “Tole egaa, tarii akkataawarra kaan ittiin qalbdu irraa adda gootee isa qallabda ta'a” isaan jedhe.

Inni immoo, “Lakki. Isaan hundumtiisaanii gaalii (galley) keessatti wal faana nyaatu” isaan jedhe.

Dallaalichis, “wanti gurbaa sana warrakaan irraa adda isa godhe maali?” jedhee isa gaafate.

Inni immoo, “Ilaa waan tokkotu jira. Anisyeroodhaaf ajaa'ibsiifadheen ture. Garuu gurbaan sun nama Afirikaa irraa dhufedha, garuu Afirikaa keessatti abbaan isaa mootii qomoo sanaati. Ta'us, inninama biyya isaa irraa fagaatee jiru dha. Inni akka ilma mootiitti of qaba.Abbaan isaa guutummaa biyya sanaa irratti, qomoo biyya sanaa irratti mootiiakka ta'e, inni ni beeka. Ammas inni amaluma sana agarsiisa, sababiin isaa,inni ilma mootii akka ta'e in beeka” isaan jedhe.

54 Oo, obboleessaa, obboleettii, anii fi isin, biyya lafaa keessajiraachaa jirru kanatti, mee amala keenya akka amala ilmaanii fi intalootaWaaqayyoo haa godhannu. Nuyi asitti nama ormaati, garuu amalli keenya akkaabboommii Waaqayyootti ta'uu qaba, maaliif

jennaan, nuyi ilmaanii fi intalootaWaaqayyooti. Amalli keenya, wanti nuyi calaqqisiifnuu fi goonu, wantihunduu akkaataa seera Waaqayyo gadibuuseetti ta'uu qaba.

"Uffata dhiiraa dubartiin yoo uffatteWaaqayyoon biratti waan ciiggaasisaa dha." Inni dogoggoraa fi cubbuun kan guutedha, "Dubartiin rifeensa mataa muratte tokko, kadhannaa gochuu iyyuu hindandeessu" jedha Macaafni Qulqulluun.

Ati "Waa'een kanaa hoo?" in jetta.

55 Dhi'oo kana namni ta'e tokko booddee kootiin na duukaa bu'ee ture;inni nama guddaa, tajaajilaa beekamaa dha. Inni, "Obboleessa koo Branhaam,kottu. Harka koo sirra kaa'uun barbaada" naan jedhe. Itti fufees, "Atitajaajila kee kasaarsaa jirta" naan jedhe.

Ani immoo, "Maali?"n jedheen.

Inni immoo, "Namootni aaranii bakkeekeessaa iyyaa jiru" naan jedhe.

Ani immoo, "Ani dubbachaa kanan jiru…"isaan jedhe.

"Isa kana nan amana" naan jedhe. "AnisPheenxeqoostee dha. Dubartoonni rifeensa mataa gaggabaabsachuu akka hin qabne,halluu dibachuu akka hin qabne, wantoota gochaa jiran kan gochuu akka hinqabne, fuula isaanii halluu dibachuu akka hin qabne, anis nan amana" naanjedhe. "Isaan kana gochuu hin qaban. Garuu Waaqayyo warra dhukkubsatanii akkakadhattuuf si waame" naan jedhe.

Ani immoo, "Inni Wangeela akkan lallabuufna waame"n isaan jedhe.

Innis, "Isa kanatti nan amana. Garuu atiakka sana ta'a jettee yaaddaa?" naanjedhe.

Ani immoo, "Eeyyee. Waan qabdan ilaali,sagantaa gurguddaa sana hundaa, dhaabbata televizhiinii, fi wantoota kan biroosan hundaa ilaalin. Ani homaa tokko iyyuu hin qabu garuu Waaqayyo inqopheessan" jedheen. Kun sirrii dha. "Ani homaa tokko iyyuu hin qabu garuuWaaqayyo in qopheessan" jedheen.

Inni immoo, "Ani…Ati tajaajila keekasaarsaa jirta" naan jedhe.

Ani immoo, "Tajaajilaan Sagalee Waaqayyoogatii dhabisiisu kamuu, gatii dhabuuf jiran" isaan jedhe. Kun sirrii dha. Dhugaadhumatti.Kun waan haqaati.

Inni immoo, "Tole egaa, ati gatii isadhabsiisuuf deemaa jirta" naan jedhe.

56 Ani immoo, "Yoos eenyutu Isa dubbachuuf jira ree? Hubattaa? Namnita'e tokko Isa dubbachuu qaba. Namni ta'e tokko waan Dhugaa ta'eef dhaabachuuqaba, hammam yoo Inni kan nama waraanu yoo ta'e illeen" isaan jedhe. Egaa yaafirootaa, akka Kristaanaatti, akka saba nuyi gara Waaqa irraatti deemaa jirrajedhee amanu tokkootti, Hafuurri Qulqulluun mataan Isaa Sagalee Waaqayyootti nufakkeessa.

Inni, "Maal gochuu akka qabdu beektaa?"naan jedhe. "Namoonni raajii akka taatetti si amanu" naan jedhe. "Ati dubartoota waan xixinnaa kan isaanbarsiisuu irra, utuu akkamitti keennaa raajummaa fi waan kana fakkaatan, waangurguddaa utuu isaan barsiiftee siif wayya" naan jedhe.

Ani immoo, "Ani akkamittan aljebiraa isaan barsiisa, utuu isaanABC hin baratin? Utuu isaan sasalphaa hin godhin jiranii, hubadhaa, utuu isaanwaan uumamaa hin godhin jiranii, akkamittiin wantoota ol aanoo isaanitti himuudandeessa?" jedheen deebiseef. Ati utuu jalqabuma irraa hin jalqabin… Ati utuu dagaleeyaabbachiiftuu (ladder) isa jalqabaa irra hin ejjetin gubbaatti ol ba'uubarbaadda. Sababiin ati kuftuuf isa kanaafi. Hubattee?

Gajjallaatti jalqabiitii akka Waaqayyoasii ol si geggeessetti kallattiidhaan ol yaabbadhu. Hubattaa? Jireenya keesirreeffadhuutii, yeroo hundumaa jecha Sagalichaa hundumaa, akkaataa Waaqayyogodhi jedhee si muudetti duukaa bu'i.

57 Amma attamitti Waaqayyo sun… mee itti yaadaa. Amalaa fi hojiidhaanKristaanota fakkaachuu qabna. Amalli keenya akka kan Kristaanotaa ta'uu qaba.Sababiin isaa nuyi lafa kana irratti ormoota. Manni keenya as miti. Lakki. Nuyiyeroodhaaf as kaa'amne. Nuyi warri galgala kana as jirru hunduu, asii deemuufjirra.

Amma itti yaadaa. Yoo Waaqayyo, araara Isaa keessatti, haadhaqabaate, mucaan hin dhalatin dura vitaaminii wayii in kajeela, haati isaassagalee isheetiin dubbattee, "Abbaa warraa koo, ani kaantaluuppii (cantaloupe),yookiin waatermeeloonii (watermelon) na kajeelchise. Waan kan biraa nadharraasise" jettee dursitee isatti

himatti. Inni…dhaan ala. Maaliif jennaan,inni waa gochuu danda'u hundumaa godha waan sana argachuuf, sababiin isaa,daa'imni isaa mudaa kan hin qabne ta'ee akka isaaf dhalatu waan beekuuf.Hubattanii? Kanaaf inni waan isheen barbaadde sana argachuuf bolla lixe lixeeisheedhaaf in barbaada.

Inni immoo isa arguudhaaf attam caalmaatti danda'aa dha! InniUumaa waan hundumaati. Amma dhagna nuyijireenya Inni jiraatu keessa akka jiraannu nuuf qopheessuuf, dandeettiinIsaa hammam akka ta'e, mee itti yaadaa.Akka jiraannuuf waan ta'e tokkoti keessa keenyaa nu waama. Waan qajeelaa akkahojjennuufis waan ta'e tokkotu keessa keenyaa nu waama. Waaqayyo nama ta'etokko nu keessaa gara waltajjiitti waamee Dhugaa akka lallabu godha. Maaliif?Hubattanii? Inni isin agarsiisa. Sana booda, isin mucaa Waaqayyoo ia dhugaa yootaatan, iyyuu jalqabdu, "Yaa Waaqayyo, kananarraa fageessi. Waan kana irraadhagna na qabi. Wantoota kanneennarraa fageessi" jechuu jalqabdu. Maaliif? Isin irraa fagaachuun isaa Manakeessan isa waaqa irraa, iddoo Inni isiniif qopheessuu deemeef barbaachisaa dhawaan ta'eef. Misirroo Dubbii Sagalee Kristos ishee dhugaa ta'uu qabdu.

58 Galgaloota muraasa darban keessa aarsaa dhi'eessuu irratti, guyyaaaarsaan itti dhi'eeffamu irratti lallabaan ture. Ani iddoo Waaqayyoo isatokkicha, Waldaa Waaqayyoo keessatti nama simatu irrattin lallaabaa ture, inniimmoo isa Inni Maqaa Koo itti nan waamsisa jedhee dubbatee dha. Inni, "Aniiddoo kan biraatti isaan hin simadhu, iddoon karra mandara isaatti Maqaa KooCaafe malee" jedhe. Amma egaa, Inni karra mandara Metedidtii keessatti isin hinsimatu, karra mandara Baaptistii keessatti isin hin simatu, yookiin karra mandara Pheenxeqoostee keessatti, yookiinkamiinuu keessatti isin hin simatu. Garuu Inni Maqaan Isaa Ilma Isaatiin akkawaamamu godhe. Inni, "Ani Maqaa Abbaa Kootiinan dhufe" jedhe.

Namni dhufu kami iyyuu, mucaan dhaattukam iyyuu maqaa abbaa isheetiin dhalatti. Inni… Ani maqaa Branhaamiinan dhufe,sababiin isaa abbaan koo Branhaam ture waan ta'eef. Isinis maqaa keessaniindhuftan, sababiin isaa, inni maqaa abbaa keessanii waan tureef.

Yesusis, ilmichi, Maqaa Abbaa tiin dhufe.Innis Maqaa Isaa akka itti waamamuuf, "Iddoonaarsaa itti Anaaf dhi'eessitan, karra mangaraa Maqaan Koo akka itti waamamuufAni fo'adhe keessatti" jedhe. Iddoon tokkichi isin Waaqayyoo wajjin walittidhuftanii fi waaqessitan Yesus Kristosin qofa keessatti.

Isin, "Tole, ani miseensa Waldaan ta'a"in jettu. Inni kun jijjiirama tokko iyyuu hin fidu. Kristos keessa ta'uutu isinirraa eegama.

Tajaajilaa garee amantii ta'e tokkoonamni ta'e galgala gaaf tokkoo, "Obbo Branhaam, kana hubadhu. Yesus, 'Namniamanu hunduu' jedha. Macaafni Qulqulluun, 'Yesus Kristos Ilma Waaqayyoo ta'uuisaa namni amane hunduu Hafuura Waaqayyoo irraa kan dhalate dha' jedha" naanjedhe.

59 Ani immoo, "Macaafni Qulqulluun iddoo biraatti immoo, 'NamniHafuura Qulqulluutiin yoo ta'e malee Yesus Kristosidha jedhee dubbachuu hindanda'u' hin jedhuu?" jedheen isa gaafadhe. Hubattaa? Macaafa Qulqulluu sobaagochuu hin dandeessu. Keessa gadi lixanii ilaaluu barbaachisa.

Kanaaf gara dhugaatti lammata dhalachuutti dhufuu qabdu, yoos HafurriQulqulluun isin keessaa gara alaatti mul'atee dhugaa in ba'a, sana boodaisinumti mataan keessan Inni akka Ilma Waaqayyoo ta'e in beektu. Yoo kanataatan, gartokkee qaama isaa taataniittu; isin Sagalee Waaqayyootiin mucaaWaaqayyoo erga taatanii akkamittiin Sagalee Waaqayyootiin mormitu? HafuurriQulqulluun attamitti isa Macaafni Qulqulluun waan akkasii godhaa, isiniin jedhu isin dhiisisee, isa seerri waldaa(Creed) waan akkasii godhaa, isiniinjedhu akka amantan isin godha? "Nuyi miseensa waldaa taanee, waan kana goona, yookiin waan sana goona" jettu mitii, yeroo Waaqayyowaan gochuu qabdan isinitti dubbatu? Hubattanii? Yummuu waan san hubattanii,Isa keessatti utaaltanitti, Inni waan sirrii isinnif in ta'a. Callistaniikallatiidhaan adeemsa keessan itti fufaa giddachaa deemutu.

Akkuma dhiigsanyii gadamessaa dubartiihanqaaquu qopheessiteetti deemuuti. Hanqaaquttiin yummuu gabbachuu jalqabdutti,yummuu dhiigsanyii sana simachuuf qophooftutti, isheen dhiigsanyii namaa tokko,fi dhiigsanyii saree tokkoo, fi dhiigsanyii sa'aa tokko hin simattu,dhiigsanyiin isheen simattu hunduu kan namaati.

60 Yeroo mucaan Waaqayyoo, yeroo inni durumaan yaadaan qabames… Kunitti fayyadamuuf jecha gadhee dha, garuu Waaqayyotu jedhe. Macaafni Qulqulluukun kan Waaqayyoo ti. Duraan dursee beekuun Waaqayyoo warra duree yaadaa isaanqabe, hojii Isaa ittiin Ulfeessuuf jedheeti. Sanyiin duraan yaadaan qabamtesun, sanyittiinis isin turte, Waaqayyos isin waamnaan sanyiin Joobiraa xiqqoonachi keessa jirtu sun Sagalee Waaqayyoo dhageesse, inni hamma gubbaatti ol in ijaarama,Sagaleen tokko isa biraa irratti, inni kaan isa duraa irratti, inni kaan isaduraa irratti ol in ijaarama. Inni seera waldaa tokko illee wajjin walitti hinmakamu.

Hubadhaa. “Karra mandaraa sana keessatti, yeroo hundumaa qixxaanyaachuu qabu. Guutummaa guyyoota torbaniitti nyaati raajitii qabu keessattiargamuu hin qabu.” Kun sirrii dhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] BaroonniWaldaa Torbanii raajitii hin qabu, seera waldaa (Creed) hin qabu, wanti ittidabalame hin jiru. Inni guutumaan guutuutti buddeena raajitii of keessaa hinqabne ta'uu qaba. “Raawaatee raajitiin isin keessatti hin argamin.” RaacitiinSagalicha Mataa Isaati, hiika kan biraa hin qabu. Sagaleen sun immoo Waaqayyodha. Waaqayyo immoo Nama Yesus Kristos Isa Karra mandarichaatti galchu ta'eenfoon uffate. “Abboommota koo yoo eegdan, yummuu ana waaqessitanitti, BalballiAni itti isin argu jira.”

61 Kanaafuu, galgala kana, yoo dhugaadhumatti dhuftan ta'e, “Jireenyakoo Yesus Kristosiif aarsaa godheera” jettanii, garuu hanga ammaatti HafuuraQulqulluu kan hin fudhatin; gara Isaatti ol gala. Kan gochuu qabdu. Isakeessatti guddachuu qabdu. Waaqayyo duroo Sagalee wal walirra tuulee hammaguutummaa dhaabbii ilma Waaqayyoo, yokkiin intala Waaqayyoo isin godhuutti Isakadhadhaa.

Wantoota biyya lafaa ofittifudhachuudhaa? Ergaa Yohannis isa duraa keessatti, “Biyya lafaa, yookiin waanbiyya lafaa in jaallattu, jaalalli Waaqayyoo isin keessa hin jiru” jedha.Sossobamaa turtan. Waan biyya lafaa jaallatan, innis isin gowwomse, Seexanniwaan biyya lafaa wal irra tuulee isinitti agariisee isin gowwomse. Hubattanii? Isin…hin dandeessan. Tole, Yoos, Sagalee Waaqayyoo tokko illee MacaafaQulqulluu keessaa hin hir'istan.

Jalqabati cubbuuf maaltu sababa ta'e?Soba guddaa bakkeetti mul'atu miti, sababa Hewaanii Sagalee tokko hiika isaajallifteef malee, Seexanatu ishee sossobe. Sagalee tokkotu fuuncaa kute,isheenis Sagalee tokko fudhachuu didde. Inni sun egaa jalqaba Macaafa Qulqulluuti.

Yesus walakkeessa Macaafa Qulqulluuttidhufe. Inni, “Namni buddeena duwwaadhaan hin jiraatu, Sagalee afaan Waaqayyookeessaa ba'u hundumaan malee” jedhe. Innis immoo guutummaa Sagalee Waaqayyooti. Innis immoo mul'ata Isaa akkata'e in amantuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Guutummaa Sagalee Waaqayyoo ti.

Ergasii, Mul'ata boqonnaa 22 keessatti,Yesus gara Yohannis dhufe, Inni biyya bishaan keessaa Phaaximoo jedhumuttiisatti dhufe. Yesusis, “Ani Yesus Ergamoota koo ergee waantoota kana isiniifdhugaa baasiseera” jedhe. Hubattanii? “Namni Dubbii Sagalee kanaa irraa waa yoohir'ise, yookiin yoo waa itti dabale, ga'een isaa Macaafa Hoolichaa irraa duraaNan fuudha.”

62 Callistee, “Tole egaa, Yesus Kristos nan amana, Inni IlmaWaaqayyoo ti” hin jedhin. Inni kun rakkoo hin qabu. Sana booda waan hafehundumaa Isatti dabali. Isin, “Ani qajeelaa taasifameera. Ani harka kootajaajilaa qabsiiseera. Ani Yesus Kristositti amaneera” in jettu. Ittiaansuudhaan lammata dhalachuutu isin irra jira. Hafuura Qulqulluutiin guutamuuqabdu. Hubattanii? Akkuma duratti tarkaanfachaa deemtaniin, itti dabalaadeemaa. Isin gara dhaabbii namummaa ilmaan Waaqayyoo fi intaloota Waaqayyoottiguddachaa jirtu. Yaa anaa!

Waaqayyo waan nuyi argachuu barbaannu,jireenya keenyaaf waan hawwinu nuuf kennuuf, nuuf qopheessuuf danda'aa dha.Namoota sa jirtan keessaa amma iyyuu caalchisee kan Waaqayyoo barbaada?[Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Maaliif jennaan, amma iyyuu dabalataan akka isinbarbaachisu agarsiisa. Hubattanii? Isin isa kajeelaa jirtu. Ciniinsuun da'umsakeessanii isinitti dhufaa jira. Hubattanii? Gammadaa, birmaduu fi mudaa kan hinqabne akka taanuuf amma iyyuu nu barbaachisa. Nuyi warra akkasii ta'uu qabna.

63 Akkuma micireen dhiigsanyii jireenyaa…harka Waaqayyoo keessa jira,akkuma micireen dhiigsanyii jireenyaa…harka haadhaa kessa jira. Waaqayyoguddachaa jira;

deemaa jiras, iddoo Bara Baraa Isaa wajjin akka jirannuuf, iddoonuuf qopheessuuf deemeera; iddoo manni dhukkubaa, duuti, cubbuun, ejjummaaniifi xuraa'ummaan biyya lafaa kun jiru miti. Yaadni keessan sana irra jirataanaan, inni gonkumaa Waaqayyoo wajjin kan walitti dhufeenya hin qanbeagarsiisa. Hubattanii? Isin in mirqaantan. Gowwomsaa sammuutu isin mudate.

Isin callistanii miseensa waldaa taatanii,"Tole egaa, ani miseensa isa kanaati.Haati koo miseensa isa sanaati"jettu. Tarii inni kun bara haadha keetii keessa rakkoo hin qabu ta'a, garuunuyi bara kan biraa keessa jiraachaa jirra.

Ergaan Wesilii raawwatee…Inni callisee kan Luuterii hin fudhanne.Luuter Qajeelummaa (Justification) tti amana ture, Wesiliin garuu Qulqullummaa(Sanctification) of harkaa qaba ture. Warri Pheenxeqoostaalii boodaan dhufan,isaan callisanii qajeeluummaa, qulqullumaas hin fudhanne. Yeroon kan isaanii,yeroo kennawwan iddootti deebifamuu (Restoration of gifts) ti. Amma immoo isakana irraa achi deemaa jirra. Hubattanii?

Sagarkaalee sadan wayiniin itti ittinguddatu dha. Jalqabatti, inni biqiltuu reefuu gurra baafate ture, Luuterkaka'umsa haaromsaatiin akkasitti biqile. Gaarii dha. Inni sun egaa jirmamukichaa ture. Waaqayyoo fi uumamni walitti fufiinsaan hojjetu, sababiin isaaWaaqayyo uumama keessa jira. Hubattanii?Inni itti aanee dhufu, damee jirmichaati, innis bara warra Metedistiiti. Sanabooda warra Pheenxeqoostaaliitu dhufe, Oo, yaa anaa, dhugaatti warra mudaa hinqabne, hubadhaa, inni ija sanyii qamadii in fakkaata, iji qamadii sanyiiqamadii isa mudaa hin qabne in fakkaata. Ija qamadichaa banaa, qamadiin keessahin jiru. Inni qola sanyiiti, baattuu Sanyichaa ti malee, garuu lubbuun isakeessaan jiraachuu itti fufeera. Hubattanii?

64 Warri bara Luuter keessa turan Luuter irraan kan hafe akksumani.Lubbuun sun isaan keessaan dhufee ture, garuu isaan ba'anii garee amantii uummatan.Wanti jalqaba irratti beekuu qabdan, damee amantii ta'uun dhumni isaa gubachuudha. Hubattanii? Jirmi mukichaa gogee bada; inni baattuu qofa ture. Kaanisaanii amma iyyuu baattuu jirmaa durii sana keessa jiru, waa'ee Waaqayyoo waantokko iyyuu hin beekan, isaan du'oo dha. Isaan, "Tole, Ilaali, nuyi baalamukichaati. Nuyi Luuter keessa turre" jedhu. Kun sirrii dha. garuu amma garamakka jiru ilaalaa.

"Nuyi Metedidtii dha."

"Nuyi Pheenxeqoostaalii dha." Garuu meedamee Pheenxeqoostaalii ilaalaa, attam diilalla'aa fi warra seera eegduuttiakka inni deemaa jiru, attam namni hunduu irraa baqachaa akka jiru ilaalaa.Hubattanii ? Inni maali? Innibaattuu sanyii isa dhugaa ture. Hubattanii? Isaan kun hunduu baattota turan,garuu damee amantii ta'an. Ati yoo, "Ani Pheenxeqoostaalii dha" ofiin jetteWaaqayyoon biratti warra Kaatolikii yookiin warra Yihudootaa, waan ittiincaaltu hin qabdu.

Lammata dhalachuutu isin irraa eegama, akka Miciree baattuu sanakeessaa ba'uu ta'uu qabdu. Jirmicha keessa hin turinaa. Ija sanyii keessa hinturinaa. Deemaatii gara qaama isa mudaa hin qabneetti ba'aa.

65 Amma, yaadadhaa, haaromsi nuyi qabna turre hunduu, warriLuuteraanii fi kanneen hafan hunduu waggaa sadii keessatti garee gareettiqoodaman.

Inni kun yeroo hammamii akka fixeilaalaa, waggaa digdama wayii fixeera, jaarmiyaa miti. Maaliif? Inni sanyiidha, inni qola keessaa kan ba'e, waan akka kanaati. Walitti qabamaa jira, ammaegaa inni Fuula Ilmichaa duratti dhi'aachaa jira, akka isa jalqabaatti midhaanulfinaa ta'ee bilchaachuuf ga'aa jira. Waldaa isheen dhugaan, isheen duradhaabatte, kallattiidhaan jirmicha keessaan deebitee Waldaa kan biraa taateeba'uuf jirti, yummuu kombaayineriin haamee calleessuuf dhufutti. Lubbuun baraLuuter keessa dhufe, Lubbuun bara Metedistii keessa dhufe, Lubbuun baraPheenxeqoostaalii keessa dhufe, gara midhaaniitti in guddata. Hunduu gara midhaaniittiguddatee Dhagna Yesus Kristos isa mudaa hin qabne ta'ee in ba'a.

66 Akkuma aduun ganama baatuuti. Uumama ilaaluu dadhabdn malee inniwaa'ee Waaqayyoo dhugaa ba'a. Waaqayyo jira jettanii beekuudhaaf MacaafaQulqulluu dubbisuu iyyuu isin hin barbaachisu. Aduun xinnaattee, daa'ima taateedhalatti. Ganama naannoo sa'a tokkootti mana barumsaa deema. sa'a afur yookiinshanitti inni in ba'a. sa'atiin ja'a yeroo guutummaatti humna argatu dha. Waareebooda naannoo sa'aatii sagaliitti inni dulloomuu jalqaba. Sa'a tokkotti,yookiin sa'a lamatti, sa'a kudha lamatti…

Waaree booda sa'a kudha tokko yookiinkudha lamatti, dugda goofatee deema. Sana booda inni in du'a. Du'uun isaa dhumaisaatii? Lakki. Inni ganama itti aanutti du'aa in ka'a. Jiraachuu, du'uu,awwaalamuu, du'aa ka'uu dha.

67 Baala mukkeenii ilaalaa mee. Inni baala miidhagaa ta'ee in lata;gaaddisa nuuf ta'a; firii in godhata. Itti ansee wanti isin hubachuu qabdanyeroo bonni dhufee isa rukututti inni in du'a; inni gara hundee mukichaattigadi bu'ee lafa keessa in bu'a. Inni kun dhuma isaatii? Jiraachuu isaa dhugaaba'uuf arfaasaa itti aanutti in ammas in biqila. Oo! Inni kun itti fufiinsajireenyaati.

Garuu, yaa obboleessaa, yaa obboleettii,nuyi Jireenya bara baraa qabna. Karaa Nama guddaa Isa dhufee dhagna sana nuufqopheessuuf deemee Jireenya bara baraa arganneerra. Dhukkubbiin nutti dhaga'amuinni guddachaa jiru kun, kana akka isa dubartoonni yummuu hojjettan miirriifatamuu isinitti dhaga'amuu, warri dhiirotaa immoo doktriinii seminariittirarra'uu fi kan kana fakkaatan, isin hunduu, “Ani seera amantii kana nanleellisa. Ani kana nan godha” injettu. Garuu wanti sirrii ta'e tokko isin keessa jira, iji jaamaa utuu banamuuyummuu argitan, duudaan yummuu…Wantootni kun hunduu wantoota abdachiifamaniidha. Sagaleen yummuu Humnaan lallabamu ilaalaa. Ejjituun karaatti ba'uu isheeirraa deebitee yummuu giiftii taatu ilaalaa. Yeroo machaa'aan dhugaatii irraadeebi'ee qulqulluu nama Waaqayyoo isa dhugaa ta'u ilaalaa. Yaa anaa! Hubattanii? Waan ta'e tokko, Jireenyatu achi keessa jira. Sana booda, “Toleegaa, tarii waan akkasii gochuun ana irra hin jiru” miira jedhutu isinittidhaga'amuu jalqaba. Garuu, hubadhaa, innis maali, wanti Dhagni keessan garasgama sanaa barbaadu jira. “Ol kottaa.” Garuu Waaqayyo Asitti tokkoon tokkoon dhagna sanaaf vitaaminii kenneeraaf. YesusHarka Waaqayyoo keessatti iddoo nuuf qopheessuuf deemeera; eeyyee, obboo, dhiigsanyii ilmaan Waaqayyoo, mucoolii imaanii fi intaloota Waaqayyoof iddooqopheessuuf inni deemeera.

68 Yesus kadhata Isaa gara Abbaatti godhe irratti waan tokko duwwaagaafate. Innis maal akka ta'e beektuu? Aarsaa hundumaa lafa kana irrattiraawwate booda, jireenyi Inni jiraate, daandiin Inni irra adeeme, waan tokko. Inniwaan tokko Isa kadhate, innis, “Iddoo Ani jiraadhu, isaanis haa jiraatan” kan jedhuture. Inni hirmaattuu akka taanuuf kadhate. Wanti tokkochi Inni Waaqayyo Abbaakadhataa ture bara baraan jaalal obbolummaan akka jiraattani dha. Waa'ee kanaadubbifachuu yoo barbaaddan Wangeela Yohannis boqonnaa 7 lakkoofsa 24 ilaalaa.Yoos hagam lapheen keenya Isa hawwuu qaba? Yoo Inni hawwii…

Amma dhaggeeffadhaa. Isini dhugaattiHafuura Waaqayyootti yoo dhalattan, wanti hundumtuu isiniif in ta'a jechuu dha.Hubattanii? Inni kitaaba seeraa wayii miti. Seeraa fi waan kana fakkaatuunjiraattu miti. Isin ayyaana Waaqayyoo isa ta'e Hafuura Waaqayyootiin jiraattu.

69 Isa kana yeroo baay'ee dubbadheera. Akka tajaajilaa tokkotti,tajaajilaaf biyya biraa deemuun koo hin oolu. Utuun haadha manaa koo ol waamee,ijoollee koo duratti, “Amma as ilaali, Ijoolle! As dhaggeeffadhu, haadha manaako! Ani abbaa manaa keeti. Yeroondeemutti abbaa manaa kan biraa hin qabaatin. Ati kana goonaan yeroon deebi'uttisin quncisa” isheedhaan jedhee maal ta'a? Uhuhhuu. Hubattanii?

Ariitiidhaan manaa ba'aa, “Ijoolle,waanan jedhe dhageessanii?”

“Eeyyee kaa. Eeyyee, abbabbaa. Eeyyee,abbabbaa.”

“Mee irra daddarbaa tokko sirraadhaga'uu? Argiteettaa?” Argitanii? Amma egaa, inni mana hin ta'uu?

Amma utuu isheen, “Amma, deemtee turuufmitii gooftaa? Waan tokko sitti himuun barbaada. Obbo Branhaam, Ani haadhamanaa kee ishee seeraan sitti heerumte dha! Yeroo deemtutti atis dubartii kanbiraa hin qabaatin” naan jettee hoo? Amma egaa, inni mana hin ta'uu? Egaa, inniwaan biraa ta'a.

Nuyi waan akkasii hin goonu. Ani isheenan jaalladha, isheenis na jaallatti. Yeroon deemutti, Gooftaan deemi utuuanaan hin jedhin akkan hin deemne, isheen in beekti. Nuyi kutaa gara lafaattigadi buunee (gamoo irraa) ijoollee wajjin walitti in qabamna. Nuyi in kadhanna.Ani, “Yaa Waaqayyo jaallatama, aantiwaan koo xixiqqoo kana, ijoollee koo kana,isaan tiksi” jedheen kadhadha. Isaan immoo, “Yaa Waaqayyo jaallatama, yeroonuyi deemnu, Yeroo inni deemutti, abbaa keenya nuuf tiksi” jedhanii kadhatu.Sana booda yummuu deemnutti…

70 Amma egaa, utuun bakkan deemetti waan sirrii hin ta'in tokkogodhee hoo? Utuun achitti irra daddarbaa hojjedhee, waan sirrii hin ta'in tokkoutuun hojjedhee hoo? Sana booda deebi'ee galee gara haadha manaa koo isheemiskiina sanaa dhaqee, ishee dura dhaabadhee fuula ishee wal guure sanaa firifeensa ishee arrii make sana keessa ilaalaa, gara isheetti ol deemaa, “Dammakoo, waan tokkon sitti himuu barbaada. Akkan si jaaladhu atuu beekta” ishedhaanjedhee.

“Sirriitti, Biil, akka ati na jaallattunan beeka.”

“Waanan hojjedhen sitti hima. Ani mucaa durbaa tokkon manattifudhee gale.” “Dhiifa naaf hin gootuu?” jedheen si gaafadha. Nan amana isheennaaf dhiifti. Anis dhugaatti dhiifama nan godhaaf. Garuu ani waan akkasii nangodhaa? Yeroon achi dhaabadhee rifeensaishee gara arriitti jijjiramaa jiru ilaalu, isheen anaa fi hawaasa gidduu akkadhaabatte nan beeka, akkasumas hanga har'aatti isheen attam haadha manaa gaariiakka naaf taate nan beeka, ani waan akkasii gochuu nan danda'aa? Ani isheemiidhuu irra du'uu naaf wayya. Du'uu naaf wayya.

Fiile'oo (Phileo) jaalalaa (mallattoojaalalaa jaalallee ofiitiif agarsiisan) haadha manaa kootiif yoon qabaadhe, anihammam caalchisee agaapa'oo (agapao) jaalalaa Waaqayyoof qabaachu qaba! Oo! Aniisa waan Isa madeessuu hin hojjedhu. Dhugadhumatti hon hojjedhu. Ani Isa nanjaalladha. Akkan hojjedhuuf waan inni natti himu hundumaa nan hojjechuunbarbaada. Biyyi lafaa waan barbbade yoo jedhes, ani Dubbii Sagalee Isaahundumaa duukaan hiriiruu barbaada. Isaan Isa hin amanan. Waanan gochuu qabukan Inni dubbate baruun barbaada. Waan na barabaachisu yoon dhabes, Isa nangaafadha. Biyya lafaa irraa of qabnee Isaaf in jiraanna.

71 Dhagni keenya inni dulloomaan kan lafaa kun…qaba. Mee isinittanhima. Dhagna keessan isa kan lafaakanaaf baay'ee yaaddu, kanaafis Hooliiwuudii (Hollywood) duukaa bu'aa jirtu.Isin isaanitti baay'ee dhi'aattaniittu. Hooliiwuud yeroo gabaabduudhaaf achijiraata. Isin yaadadhaa. Ergaa raajii, “Inni gadi dhidhimuuf deemaa jira” jedhudhageessaniittu. Eeyyee, obboo. Yaadadhaa. Inni kana ta'uuf jira. Isincallisaatii ilaalaa. Egaa, Inni hanga ammaatti takkaa raawwatee waan sirrii hinta'in natti dubbatee hin beeku. Ani waan Inni dubbachuu baraade nama kamiiniyyuu ga'uu dha hojiin koo. Yoomii fi eessatti akka ta'e ani hin beeku, garuuisheen baddeetti. Firdiin isheerra marsaa jira. Isa kanaaf qalbii jijjirrannaanhin jiru; yeroon isaa darbeera. Hubattanii?

72 Amma kana. Waan biyya lafaa irraa of qabnee Isaaf haa jiraannu.Amma ilaalaa. Obboloonni durbaa tokko tokko, goda kana buutanii Televizhiiniiilaaluu barbaaddu, isin ijoolleen durbaa saafelli. Isin dargaggummaa keessajirtu. Isa kana nan beeka. Garuu isin Kristaanita. Hubattanii? Isin warra kaanirraa adda. Isin akka warra biyya lafaa ta'uu hin qabdan. Isin biyya lafaa injaallattu. Isin warra dargaggoo duwwaa miti; namoonni ga'eessonni kaanis akkasin gootu. Hubattanii? Tole, inni kun maal isinnif godha? Hubattanii? Isintelevizhiinii in ilaaltu, isin gara mankuusaa meeshaalee in deemtu, wayyaabututtuu dubartoonni uffatan argitanii, inni Waaqayyoon malee jiraachuu dha.

Guyyaa firdiitti wanta ta'uuf jirubeektuu? Tarii Abbaa manaa keef nama amanamtuuf ta'uu dandeessa, garuu guyyaafirdiitti ejjiteetta jedhamtee sitti faradama. Yesus, “Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale,garaa isaatti isheetti ejjeera” jedhe. Eenyukan itti gaafatamu? Isini. Hubattanii? Isintu qumxaa fi surreedhaan isaan duradeddeebi'e.

Dubartoonni tokko tokko yeroo dhi'oodura, “Obboleessa koo Branhaam, ani kana booda qumxaa hin uffadhu. Isa kanaafWaaqayyoon nan galateeffadha. Ani surreen uffadha” naan jedhan.

Ani immoo, “Inni baddu baasa gadheedha” jedheen deebiseef. Baddubaasa gadheedha. Kun sirrii dha.

73 Dubartootaaf wandaboo bituun iyyuu hin danda'amu. Dubartiin tokko,“Tole, ati dhuguma jette. 'Hin dandeessu. Isa bituu hin dandeessu'jedhan”jette. Garuu mi'aa fi makiinaan hodhaa wayyaa amma iyyuu gabaa irra jiru.Hubattanii? Kanaafuu guutummaatti,dhiifamni hin jiru. Hubattanii? Hubattanii?

Inni mul'ifamuuf jira, obboleettii. Ani obboleessakeessani. Ani garbicha Waaqayyootis, kanaafis waanan galgala kana dubbadhuhundumaaf guyyaa Firdiitti ittan gaafatama. Hubattanii? Yakka ejjummaatiinfirdii dura dhaabachuuf jirtu, sababiin isaa, jaalalli Waaqayyoo laphee keessankeessaa ba'eera waan ta'eef. Ati amma iyyuu waldaa

in dhaqaxa. Tarii ati ammaiyyuu hafuura keessa galtee in shubbifta ta'a. Tarii ati afaan haaraadhaan dubbattata'a. isaan kun huduu gaarii dha, garuu amma iyyuu Inni isa miti. Lakki, obboo.

74 Yaadadhaa, Macaafni Qulqulluun, “Bara dhumaa jala Kristoosonnisobaa in ka'u,” jedha, Yesusota sobaa mitii hubadhaa. Isaan isa kanaaf hindhaabatan. Garuu, “kristoositasobaati,” sobaan kan dibaman. Isaan guutumaanguutuutti Hafuuraan kan dibamani dha, Hafuura Qulquulluudhaan kan dibamaniidha, garuu amma iyyuu in sobu. Hubattanii? Lamaan…

Isin nama nama sadii taatnii jirtu. Inni gara alaa foon keessani.Sisn garri alaa kun miirota shan kan ittiin waan biyya lafaa kanaa wajjin walquunnamtan qabdu. Inni gara gidduu hafuura. Isa keessas miirota shantu jira,isaanis, jaalala, waa yaaduu, fi kan kana fakkaataniin wal quunnamtu. Garuuinni gara keessaa Lubbuu keessani.

Yaadadhaa, “Bokkaa warra qajeelotaa, warra qajeelota hinta'iniifis in rroba.” Bokkaa isuma qamadii guddisuuf roobutu, inkirdaadasguddisa. Hubattanii? Inni kun maali? Keessa sanyii sanaa haala uumamaatu jira,haalli uumamm isa keessa jiru sun immoo ba'ee in mul'ata. Inni maasii tokkokeessa dhaabachuu danda'a, aramaa wajjin. Qamadii fi aramaan walii wajjindhaabatanii wal qixa ililchuu danda'u. Mataan isaa gadi jedhe. Inni bishaandheeboteera. Yeroo bokkaan dhufutti inkirdaadichu hammuma qamadichaa guddiseeiyyuu danda'a. Garuu, “Ija isaan godhataniin isaan in beektu.” Hubattanii?

75 Kristaanotaa, ani tarii lammata isini arguu dhiisuun danda'a.Hubadhaa, ergan biyya lafaa kana irra jiraachuu jalqabee bubbuleera. Tariilammata wal in arginu ta'a. Sagalee Waaqayyoo irra bu'aa. Daawwitii keessattiof ilaalaa.

Akka isa gurbaan xinnaan tokkobaadiyyaadhaa dhufe ti, inni takkaa daawwitii argee hin beeku ture. Inni manaadaadaa isaa dhufee gurbaa xinnaa tokko daawwitii keessatti arge. Inni sadarkaairra ol adeemuu jalqabe. Inni daawwitii keessa yummuu ilaalu, gurbaa xiqqaatukeessaan mul'ata. Ilaalaadhuma ol adeemuu isaa ittuma fufe. Yummuu inni harkaraasu, gurbaa xinnaanis harka raasa. Inni of ilaaluu isaa itti fufe. Inni daawwitii keessatti of argee hin beeku. Kanaaf itti siqee ilaalee yeroo ofirra galagaluttu, “Maalii, immamma, inni sunoo anaa!” jedhe.

Daawwitii Waaqayyoo keessatti maal fakaattu? Inni ilmaanii fiintaloota Waaqayyoo deebisee in agarsiisaa? Wanti ta'e tokko jiraa, Isa kanadhageessaniittu, inni nama waa'ee Isaa dubbatu akka jibiitan isin godhu jiraa?Yookkin wanti isin dhiibee, “Namichi kun sirrii dha, inni sun CaaffataQulqulla'aa keessa jira” isin jechisiisu jiraa? Yoos, inni egaa dhagna iddoo sana dhaquuf muudameef vitaaminiibarbaachisu dha, inni egaa isa manni inni isin itti deemtan barbaadu dha.Hubattanii? “Mannai inni kun bifa namicha isa biyya lafaa fudhate.”

76 Amma yaadadhaa, dhagana kanaaf baay'ee dhimmina. Nuyi wayyaa baay'eeisatti in uwwifna. Nuyi waan hin barbaachifne baay'ee itti jijjiirree, ittijijjiirree, itti in jijjiirra. Akkasumas, oo, kana kan godhu nama hunduma.

Callisee mee namni tokko waan ta'e tokkohaa jalqabu. Utuu hojjaa miilla keessanii halluu diimaa dibattanii baatan,Joonesonni hunduu miilla isaanii halluu diimaa dibatanii utuu yaa'anii argitu.Yoo isin 'Chevrolet' irraa gara 'Ford' tti jijjiirrattan ('Chevrolet' fi 'Ford'biraandii konkolaataa ti), isaan ciisanii hin bulan. Barri kun bara walsimsiisuu ti. Utuu… Utuu dubartiin tokko koffiyyaa uffattee akka dhuftuufeyyamtanii, keessumaa haadha manaa Paasterii tokkoof, dubartoonni hunduu isauffachuutti duudu. Egaa, inni kun dhugaa dha. Kun dhibbaa dhibbatti dhugaa dha.Barri kun bara wal simsiisuu ti. Obboleessaa, bara wal simsiisuu ta'uu qaba.Wanti hunduu kaayyoo ta'uuf qabaachuu qaba.

Kootiin koo fi surreen koo wal simuudhaayoo baate ani dhimma hin qabu. Yeroo natti cimu qaba. Haadha manaa koo yookiinhaadha manaa ilma kootiitu gosa karavaataa kamii wajjin akkan uffachuu qabunatti hima. Wal simes wal simuu baates ani dhimma irraa hin qabu. Deddebiin kooSagalee Waaqayyoo wajjin akka wal simun barbaada. wantin barbaadu isa kana,sababiin isaa, inni iddoo jiraadhu waan ta'eef; innis immoo Joonesootaa wajiinsuuqa gara gadii miti, gama iddoo Ulfinaa, iddoo Yesus nuuf qopheessuuf deememalee. Eeyyee, nuyi isa barbaanna. Eeyyee, obboo. waantoota kana hundumaa irraaof eegi.

77 Godoon jireenyaa inni dulloomaan kan lafa kanaa kun maal akka ta'ebeektuu? Dhagni keenya kun akka kootii keessan isa moofa'eeti, akka kootiikeessan isa yeroo ta'e tokko uffachaa turtaniiti. Amma isin baay'ee kan isairra caalu qabdu, kana booda isatti hin fayyadamtan. Isa maal gootu? Kan caaluwaan argattaniif isa keenyanitti in fanniftu. Kootii isa duraa irra caaluqabdu. Inni kun isa duraa irra haaraa dha, inni isin duraan uffachaa turtanmoofa'eera. Maali? Inni wayyaa dha. Isin keessa wayyaa sanaa jirtu. Wayyaan sunmaal duwwaa godhe? Inni fakkaattii keessan duwwaa baate. Hubattanii? Garuu kanabooda isa isin hin barbaachisu. Isin isa fanniftaniittu. Inni moofa'eecicciteera.

Inni egaa akkaataa dhagna keenya isamoofaa kanaan fakkaata, inni fakkaattii isa kan waaqa irraa baata. Inni ammaiyyuu isin miti. Isin keessa keessoo dhagna keessanii jirtu. Isin, HafuurriWaaqayyoo keessa keessoo dhagna keessanii jirtu. Wanti dhagni keessan inni garaalaa kun akka abboomamu godhu, dhagna keessan isa gara keessa keessoo jiru sanadha, sababiin isaa inni gara keessaa isa in dhiiba, hubadhaa, toora Sagalee Waaqayyoo irra isa in fida;keessi keessoo keessanii, isisn mataa keessanii dha, maalummaa keessani.

Dhagni inni kun kootii moofaa dha. Guyyaatokko maal isa gochuuf jirtu, wayyicha keesaa yeroodhaaf waan turtaniif, gaaftokko maal gochuuf jirtu? Dhagni keenya kun akka wayyaa isa lafa irraati.Dhagni keessan inni dhugaan, eenyummaan keessan inni dhugaan, keessa kootii isamoofaa isa isin Wiiliyaam Branhaam, Suusi'ee Joones, yookiin nama kamiin iyyuuhaa ta'uu, jettanii waamtanii keessa jira. Hubattanii? Inni guyyaa tokko galmayaadannoo keessanii keessatti fannifamuuf jira. Awwaala keessa in kaa'amtu,namni kan biraan immoo siidaa isin irratti ijaaree, "Asitti Paaster abaluu abaluu, yookiin Joon abaluuabaluu, yookiin abaluu abaluutuawwaalame" jedhee achi irratti in barreessa. Sababiin isa achi dhaabaniifyaadannoo keessaniif jedhanii ti. Namoonni isa kana keessatti isin ilaalu. Wanti isin turtan, dhugaan eenyummaakeessanii, isa keessa keessoo keessanii ture dha. Garuu kootiin inni moofaanmataan isaa, "Bifa namicha isa Waaqa irraa fudhate."

Oo, yaa namootaa, iddoo akka itti kootiijijjiirrattaniif isiniif qabame qabduu? Waaqa irraa iddoo qabattaniittuu?Yaadadhaa, iddoo isiniif qabame qabaachuun keessan dirqama. Yoo iddoo hinqabanne taatan ol hin galtan.

Amma afaan ammayya'aadhaanin isinittihaasa'aa jira, isa sin beektaniin. Yoo gara hoteelaa deemtan, "Tole, ani…" injettu.

78 "Iddoo qabatteettaa? Tole, nan gadda. Iddoon qabamee dhumeera."Ati bakkee qorra keessatti hafta, sababiin isaa iddoo qabachuu waan dagatteef.

Akkuma kana gara adeemsa jireenya kee isaxumuraatti yoo dhuftu, nama iddoo qabameefii qophaa'e yoo taate malee, namni sisimatu hin jiru. Iddoo hin qabannee taanaan, gara dukkana bara baraa iddooiyyaa, iddoo wawwaannaa, iddoo bii'ichaa fi hilkaan qaruuttii darbatamta. Kundirqama. Ati gara mandarattiitti hin galtu, sababiin isaa ati dursitee iddoohin qabanne waan ta'eef. Mandarattii, iddoo Yesus qopheessuuf deemetti lixuuf,dursee iddoo isiniif qophaa'e qabaachuu qabdu. Yaadadhaa, iddoo isiniif qabameefi wayyaa fayyinaa uffachuu qabdu. Kana hin ta'u taanaan ol hin seentan.

79 Kutaa Macaafaan of harkaa qaba. Kutaa Macaafaa keessaan barbaadaajira, Maatewos 22:1 hanga 14 tti. Yeroon xiqqoo waan sokkeef, isiniif dubbisuuhin dandeenye. Sa'aatii dheeraan isinitti lallabe. Yaadadhaa, mootichi irbaataqopheessee namoota waame. Inni sangoota qalee, coomaa fi waan baay'ee qaleeirbaata guddaa qopheesse. Achumaanis hojjetaa isaa ergee, namoonni baay'eenakka dhufaniif waamsise.

Inni tokko, "Tole egaa, akkuma atibeektu, hundumaafuu, ani miseensa isa kanaati" jedhe. "Ani kanan qaba." "Ani lafaqotiisa koon dhaqa." Inni tokko immoo waan baay'ee godhe. Inni deebisee namaisaanitti erginaan, isaan warra ergaman sana in salphisan. Kumura irrattis…Inni egaa dhaloota warra Yihudootaa warra Yesus itti dubbachaa jiru dha. Isaanwaan biraa, waan hijjetan qabu turan.

Xumura irratti, inni isaan ergee, "Dhaqaatii…jedhe. Callisii isaan waamaa. Karaa gurgudddaa fi daandiitti, iddoo hundumaattiba'aatii, nama argitan hundumaa waamaa haa dhufanii" jedhe. Sana booda, manniisaa akka…in murtaa'e. Irbaanni cidha fuudha ilmasaa dhi'aachuutti ka'e.Keessummoonni achitti walitti in qabaman.

Yeroo sanatti mootichi nama wayyaacidhaa hin uffatin irbaatatti dhi'aate tokko

arge. Inni kootii isa moofaasanatti qabamee jiraachuu baraade. Mootichi maal akka isaan jedhe ilaalaa, inni,“Namicho, ergan irbaata cidha kootii irratti si afeeree booda, si afeeree akkadhuftuufis afeerraa siif kenne!” jedhe.

80 Utuu biyyoota baha fagoo turtaniittu taatanii, irbaanni cidhaa sunamma iyyuu itti fufee raawwachaa akka jiru yeroo baay'eedhaaf achitti lallabaanture. Dhirsi Misirroo nama hundumaa, keessuumaan Inni qabaachuuf jedhu baay'eedha. Obboleessi keenya Koopi, tarii inni Indiyaatti ilaalteetta ta'a.Hubattanii? Keessummoota waamamankeessaa, inni namoota baay'ee gaafachuuf jira; mee haa jennu, inni namootasoddoma gaafachuuf jira.

Amma egaa, dhirsi misirroo kaabbaanamatti uwwisa. Inni isaanitti uwwisuu qaba, kanaafuu namni iddoo balbalaadhaabatu jira. Isinis immoo waraqaa waamichaa keessan qabattanii ol galtu. Inniwaraqaa waamichaa keessan mirkaneessee, kaabbaa, wayyaa isinitti uwwisee olisin galcha. Kunis immoo, kaan isaanii sooressa, kaan isaanii hiyyeessa, kaanisaanii nama addaati, garuu yummuu kaabbaa sana uffatanitti, isaan hunduu walin fakkaatu. Isaan hunduu wal fakkaatu.

Hundumti keessanis wal fakkaachuu qabdu. Achideemtanii, “Ani asi irrattiMetedistii dha. Ani asi irrattiPresbaayiteriyaanii dha” jechuu hin dandeessan. Oo, lakki. Jalqabuma iyyuu olhin seentan. Hubattanii?

Karaa Balbalichaatiin dhufuu qabdu.Yesus, “Ana balballi hoolotaa” jedheera.

“Ani Pheenxeqoostee dha. Ani kana. Ani sana.” Inni kun waan tokko iyyuu jechuu miti.

Isin karaa Balbalichaa kottaa. KaraaBalbilachaa yoo dhuftan, kaabbaa in argattu.

81 Namichi kun yeroo inni, “Namicho, attattamitti asitti ol lixxe?”jedhe hubattanii?

Kun kan nutty agarsiisu, inni karaabiraatiin akka dhaqe dha, karaa foddaattiin ol gale, tarii karaa borootiin olgale malee karaa balbalaatiin miti; karaa Balbalichaa, karaa Yesus irra dhufe,karaa aarsaa of gochuutiin hin dhufne; guutummaa namummaa kee Waaqayyottikenniitii gara Qaraaniyootti deemii Isaa wajjin fannifami. Sana booda du'aakaatee wantoota biyya lafaa dhiisuu keetii fi isattii du'uu keetiif Wayyaa Isaain in uffattaa.

“Biyya lafaa, yookiis waan biyya lafaa yoo jaallattan, jaalalliWaaqayyoo isin keessa hin jiru.” Hubattanii? Amma iyyuu jaalalli biyya lafaaisin keessa jira taanaan, amma iyyuu akka biyya lafaatti deddeebitu taanaan,biyya lafaa fakkaattu taanaan; wanti isin gochaa jirtan…isin…Waldaa keessajirtu malee, isin inkirdaada qamadii keessa faca'ee, hundumaa wajjin iyyee,hundumaa wajjin ililchuu dha. Eebbi hafuuraa hunduu isin irra jira.

Isin, “Tole, ani raajiin dubbadha” injettu. Qayyaafaanis raajii dubbata ture. Bala'aamis akkasuma godha ture. Innikun waan tokko iyyuu…

82 “Ani Hafuura Qulqulluutiin cuuphameera.” Inni kun waan tokko iyyuuisaa wajjin walitti hin dhufu. Inni kun kennee yeroodhaaf siif kenname dha.

Kennaa inni dhugaan keessa keessoo keetiiisa jiru lubbuu keeti, hubadhu, inni Waaqayyo irraa kan dhalate yoo ta'e, inniguutummaa Sagalee Waaqayyoo fi fedha Waaqayyoo si keessatti in to'ata. Yoos atiin guddatta, hubadhu, yoos ati ilmaa fi intala Waaqayyoo ti. Ati mucaa Waaqayyooti. Wantoonni kun akkuma ati guddachaa deemtuun… Akkuma haati daa'ima garaattibaattu, ati garaa biyya lafaa keessaa dhalachuuf yaalaa jirta. Ilma Waaqayyootaatee dhalattee, isa Sagalichi jedhu hubattee, “Ani kana gochuun qaba. Ani lammata dhalachuun qaba” in jetta.

“Tole, ani miseensa Waldaan ta'a.” Innikun waan tokko iyyuu jechuu miti. Hubattanii?

“Ani Metedistiidha; Waldaa haadha kooti.”Inni haadha keetiif gaarii dha.

“Tole, kan koo, ani Pheenxeqoostee dha. Miseensa isaaniiti.” Innikunis, qixa Sagalee Waaqayyoo wajjin hin deemtu yoo ta'e, rakkoo wayiitu jira.Hubattanii? Yoos, hubadhaa, abbaan keessan inni dhugaan Waaqayyoon miti.Hubattanii? Sababiin isaa, jalqabni keessan lubbuu keessani, utuu hafuurri isinkeessan hin jiraatin dura lubbuu keessantu ture. Lubbuun sun Waaqayyo biraa hindhufne jechuun, jalqabuma iyyuu inni dhiigsanyii waaqayyoo miti jechuu dha.Isin kan sossobamtani dha. Isin aramaa qamadii

keessatti faca'ee dhuga baatuuaramaa biyya lafaa godhachuuf deemaa jiru dha. Akka biyya lafaatti kandeddeebitaniif, biyya lafaa kan jaallattaniif, sababa jaalalli Waaqayyoo isinkeessa hin jirree fi.

83 Ammas egaa bara dhumaa kana keessa Kristoosonni sobaa in jiraatu,isaan Yesusota sobaa miti. Isaan iddoo Isaa dhaabachuu hin danda'an. Garuu,“Sobaan” kan dibamani dha. Isaan kan dibamani dha, eeyyee, obboo, garuu isaanmormituu Kristosii ti. Isaan milikkitaa fi dinqii Kristos gochaa ture in godhu,garuu Sagalee Isaa wajjin hin deeman. Hubattanii?

“Namoonni baay'een guyyaa sanatti garakoo dhufanii, 'Yaa Gooftaa, nuyi Maqaa Keetiin raajii dubbannee, hafuurotahamootas baafneerra mitii?' in jedhu” jedhe.

Inni immoo, “Isin yaa warra hamaahojjettanii, ija Koo duraa badaa. Ani raawwadhee isin hin beeku” isaaniin injedha.

“Yaa Gooftaa, ani Pheenxeqoosteen ture.Waaqayyo haa ulfaatu! Ani iyyeera. Ani afaan haaraatiin dubbadheera. Ani harkakoo dhukkubsattoota irra keenyaab, isaanis fayyaniiru, hafuurota hamootasbaaseera.”

“Yaa namicha hamaa hojjetuu nana, ijakoo duraa turi. Ani raawwadhee si hin beeku.”

84 Waanan jechaa jiru hubachaa jirtuu? Oo, yaa ijoollee xixinnaayyoonana, miirri vitaaminii sana barbaadu galgala kana isinitti in dhaga'amaa?Dhagna gama sanatti nu eegutu jira. Dhagna akka isa fudhannuuf nu eegaa jirutujira. Yaa sabaa, hin gowwomfaminaa. Hin gowwomfaminaa. Seexanni gowwomsaa dha.Wayyaa cidhaa sana uffachuu qabdu. Kun ta'uun dirqama.

Amma yeroo galgalaa'e keessa jirra. Dhagni keenya inni kan lafairraa kun jiguuf qophaa'aa jira, nuyi gara isa kan Waaqa irratti galuufqophaa'aa jirra. Egaa amma Waaqayyoon biraa waamichi akka tasaa gara Eedensanaatti nu waamu miirakeenyatti in dhaga'ama. Asitti utuu hin dhalatin dura,dhagni keenya kun waan argachuu qabu tokkoo boo'aa jira, inni nuuf hin kennamutaanaan mucaa dhukkubsataa taana. Ol gubbaa Waaqayyoon bira dhukkubbiin hinjiru. Isaan, tokkoon tokkoon isaanii, guutuu ta'anii hiriiranii jiru,Misirrottiin guutummaatti akkuma Dhirsa Misirroo ti, Sagalicha yeroo Isaattibakkeetti baafamee mul'ifame ta'anii argamu. Yaa Waaqayyo dhaga'i, galgalakana, yaa ijoolle, tokkoon tokkoon keessan! Iddoon isin itti deemuu qabdanbiyya Waaqa irraa jira. Iddoon isin irraa fagaachuu qabdan qililleen jira.

85 Amma, Waaqayyo mul'ata baay'ee, kumaatamatti kan lakkaa'amu, naafkennuu Isaa baay'een keessan in beektu. Wanti guddaan hunduma irra caalu…Anidur du'a nan sodaadhan ture. Naannoo waggoota sadii dura, barreeffama warraKristiyaansi Biizines Meenii isa, GolgaanYerichaa Darbeera, jedhuargitaniittu. Tarii halkan iyyuu jiraachuu dhiisuu akkan danda'u keessa koottinan beeka. Tarii raawwadhee lammata deebi'ee isin hin argun ta'a, garuu kundhugaa dha. Isa kana mul'ata yookiin waan biraa, waanan jedhee waamu hin beeku.

Dhi'oo kana, ganama gaaftokkoo, ani…ture.Ani battalumattin hirribaa dammaqe. Ani wal ga'ii irra tureen ol seene. Haatimanaa koo xiqqoo gadi ciiftee rafaa jirti. Ani, “Damma koo, kaateetttaa?”njedheen. Isheen amma iyyuu rafaa jirti. Kaanee ijoollee mana barumsaattigeessuu akka qabnu nan beekan ture.

Harka kootiin akkasitti girgiddaattideeggaradheen, “Tole, Biilii Branhaam, umuriin kee waggaa kudha shan irra akkadarbe beektaa? Sii, Gooftaadhaaf waa hojjechuuf yaaddee jirta yoo ta'e,daddafi, sababiin isaa yeroo baay'ee hin qabdu waan ta'eef” jedheen isattidubbadhe. “Yaa anaa, jiraadhee Dhufaatii Gooftaa Yesus arguu akkan danda'u nanabdadha” jedheen yaade.

Isa kana yeroo hundumaan sammuukeessatti yaada, yeroon du'utti obboleessa asiikana nan arga. Ani…nan jedha. “Eeyyee, guyyaa tokko galgala, lafa irrattiWaldaa kootti lallabdee turte, obbolessa koo Branhaam.” Garuu, inni hafuura,ani harka isafuudhuu hin dada'u, sababiin isaa, harki isaa goda sana awwaalakeessatti totoreera, hubadhaa; kan koos akkasuma. Waan akkasiin yaadaa ture.

86 Garuu ganama gaafa sanaa, wanti ta'e utuu narra bu'uu nattidhaga'ame. Anis nan yaade…Akkuma kanaan duraa, mul'ata wayiitu natti dhufe. Nanilaale. Nan ilaale. “Yaa anaa! Wanti kun maali?” jedheen yaade. Gaara magariisaguddaa tokkon arge. Dubartoonni kumaatama kudhanii fi kumaatama dhibbaan karaahundumaan dhufaa

turan. Isaan hunduu rifeensa mataa dhedheeraa dugda irra ciisukan qaban, wayyaa adii uffatnii, miilla qullaa, iyyaa, sagalee ol fudhatanii,"Obboleessa keenyaa!" jechaa as adeemaa turan.

"Kun waan haaraa dha" jedheen yaade. Of duuba galagaleen ilaale.Achuman gadi ciise, haati manaa koos achuma siree irra ciiftee jirti. "Amma,amma maal akka ta'e beektaa? Ani du'eera" jedheen isheetti dubbadhe. "Inni kunwaan raawwate dha. Ani du'eeran" jedhe. Ammas itti dabaleen, "Tarii dhibeeonnee, yookiin waan biraatu a qabe. Ani du'eera. Achi dhagni koo ciisee jira"jedheen dubbadhe. Harki koo akka sanatti duubatti hidhameen achiciibsifame. "Sun faana digdama caalaa ana irraa hin fagaatu" jedheen yaade.Iddoo sanatti ani ilaalaan jira. Nan yaadadha, "Inni sun…Haati manaan koos achiturte. Wanti hunduu achi jira. Tiishertiin koo siree mataa duratti fannifameeachi jira." Nan yaadadha, "Kunoo asan jira."

87 Ammas duuba deebi'een ilaale, dubartoonni hunduu dhufaa jiru.Isaanis…turan. Nan ilaalae, isaan karaa kanaandhufaa turan, obboloonni koo warri dhiiraas achi dhufan. Oo! Isaan waarra mudaahin qabne dha. Hundumti isaanii dargaggeessa waan ta'an fakkaatu. Isaan sagaleeol fudhatanii, "Obboleessa keenya jaallatama!" jedhu turan. Oo, waanan yaadunwallaale.

"Kun keessummaa wayii ti" jedheen yaade. Yummuun duubattigalagalee ilaalu, ani nama dulloome miti. Ani dargaggeessa. "Wani kun waankeessummaa wayii ti" jedheen yaade. "Kun mul'ata moo?" jedheen yaade. Quba koonciniine. "Lakki. Ani mul'ata gosa akkasii argee hin beeku" jedheen yaade.

Sana booda, wanti ta'e tokko waan akka gararraa kanaatii natti dubbachuu jalqabee, "Atinamoota keetii wajjin ol galteetta" naan jedhe.

"Namoota wajjin moo? Isaan kun hunduumaatii Branhaamii?" jedheen yaade.

Inni, "Isaan warra ati gara Kristositti jijjiirte dha" naan jedhe.Dubartoonni kunneen…

Akkuma isin beektan, namoonni kaan, "Jibbaa dubartotaa" jedhanii nawaamu, ani garuu akkas miti. Hubattanii? Sababiin isaa, nan amana…Ani namasafuu hin beekne, baalagee hin jaalldhu. Obboleettii mudaa hin qabne, isheedhugaa kan Kristos nan jaalla dha. Karaa sanaan yoo ta'e, rakkoo hin qabu.

88 Yeroon ijoollee turetti godaannisa wayiin qaba. Wantoonni ta'aaturan sun gara karaa sanatti akka na deebisan nan beeka. Garuu wanti hunduuWaaqayyoon narratti raawwataa ture, Isatu tilchee, bocee bara kanaaf na qopheessaature. Hubattanii?

Akkan yaadutti, obboleettiin dhugaan, isheen mudaa hin qabne irrawanti gaariin ishee caalu hin jiru. Wanti gati jabeessi Waaqayyo Fayyinalubbuutti aansee namaa keennu haadha manaa dha. Hubattanii? Kanaaf, yeroosanatti waan gati jabeessi kana caalu utuu jiraate, Inni namaaf in kenna ture.Dubartoota tokko tokko mil'attanii yoo ilaaltan, akka haadha manaatti hindeddeebi'an, isaan kakuu gaa'ela isaaniitiif hin amanaman, abbaan manaaisaaniis akkasuma. Isin yaadadhaa, hanga jireenya keessaniitti akka wajjinjiraattaniif walitti hidhamtan. "Wanti Waaqayyo lafa irratti walitti hidhe,Waaqa irrattis walitti in hidhama." Hubattanii?

89 Egaa yeroo sanatti, isa kanan arge. Dubartoonni sun nattifiiganii, harka bal'isanii na haammattanii, "Obboleessa ko!" jedhanii nawaaman. Amma egaa, isaan dubartoota turan, garuu iddoo sanatti raawwatee cubbuuhojjechuun hin jiru. Hubattanii? Isaan dubartoota turan. Garuu, hubadhaa, wantiamma gargar nu qoode, dubartiin xannacha saala dubartii qabdi, dhiirri xannachasaala dhiiraa qaba, inni kun ijoollee akka ittiin horannuuf nuuf kenname.Achitti inni kun hin jiraatu. Xannach gosa tokko qofaatu achi jiraata, garuuisaan bifuma kana in qabaatu. Fakkaattii lafa kana irratti qabu turan, achittisin qabaatu, garuu isaan cubbuu hojjechuu hin danda'an. Isin hundu keessan gosatokko. Achitti ijoollee godhatanii guddisuun hin jiru. Hubattanii? Kun sirrii dha. Inni haalu kanaan in ta'a.Kanaaf dubartoota kana sirriittan ilaale.

90 Isaan ol na dabarsan. Obbolloonni iddoo tokkotti ol baasanii nateessisan. Ani immoo, "Maaliif kana gootu?" jedheen isaan gaafadhe.

Inni, "Lafa irratti ati dura buuteegeeggeessaa turte" naan jedhe. Jedhee, jedhee, "Ati…Isaan kunneen saba sanadha" naan jedhe.

Dubartiin tokko katee ol dhufte. Isheen, "Obboleessa keenyajaallatama" naan jette.

Isheen hundumaa irra miidhagduu turte!

Yummuu isheen darbitutti, sagaleen addaancite ture sun, “Ishee hin yaadattuu?” naan jedhe.

Ani immoo, “Lakki” jedheen deebiseef.

Inni immoo, “Erga umuriin ishee waggaasagaltama darbee gara Kristositti ishee fidde. Hubattee? Sababa isheen,'Obboleessa koo jaallatama' siin jetteef hubachuu in dandeessaa?” naan jedhe.

Ani immoo, “Tole, ati dhaqxee…” jedheen.

Inni immoo, “Lakki. Nuyi asitti eegaajirra” naan jedhe.

Ani immoo, “Tole, ol darbuun in danda'amayoo ta'e, Yesusiin arguun barbaadan” jedheen.

Inni immoo, “Amma isa arguu hindandeessu. Kun isa Caaffanni Qulqulla'aan, 'Lubbuwwan iddoo aarsaa jalaa' jedhudha. Inni xiqqoo ol siqee jira. Guyyaa tokko deebi'ee in dhufa. Nuyi garalafaatti in deebina. Asitti hin nyaannu, hin dhugnus” naan jedhe.

91 Ani immoo, “Kana nan sidaadha jechuu keetii? Maaliif, kuni…”jedheen.

Firoota koo, dubbachuuf jechatu namahanqata. “Inni Guutuu, mudaa kan hin qabne dha.” Kan itti hin bu'amne, kan ittihin bu'amne, “Qulqulluu” dha. Waan kana ibsuuf jechan itti fayyadamu iyyuuargachuu hin dandeenye. Inni waanan beekuun garasitti dha. Inni achi ture. Dhukkubbiin, gaddi achi hin jiru. Achittidu'uun hin jiru. Achitti cubbuu hojjechuun hin jiru. Inni guutuu dha, innimudaa kan hin qabne dha. Firoota ko, isa dhabuu hin qabdan. Yaadadhaa.

Akkasuma immoo yeroon ijoollee xinnaa turetti, mucaa xinnaa ta'eenmul'ata si'ool arge. Dubartoonni bara har'aa, yookiin nadheen, (dubartoonniwaan akkasii hin hojjetan), attaam akka ija isaanii akka dibatanii jiran, akkaija waangootti baallee ija isaanii jala waan bifa cuquliisaa fakkaatu dibataniiutuu isaan jiraniin arge. Ani gadi liqinfamaan ture. Ijoollee xinnoo ta'een, rasaasaan rukutameehospitaala ciisan ture. Yeroo hundumaa immoo Waaqayyo akka jiru nan beeka.

Kadhannaan yeroo jalqabaatiif kadhadhenan yaadadha. Wanti ani jechuu danda'e tokkittiin…Kanaan dura ani raawwadheeisa kana himee hin beeku. Amma akkan isinitti himuuf keessa kootii nattidhaga'ame. Ani rasaasaan rukutameen achitti du'ee bakkee keessa ciisee hafe.Iyyanni tokkichi ani gara Waaqayyootti dhi'eeffadhe, “Yaa Gooftaa, ati inbeekta, ani ejjee hin beeku” kan jedhu ture. Hubattanii? Ijoollee naannoowaggaa kudha shanii ta'een jireenya qajeelaa jiraachaa ture. Itti fufees, “Anijireenya qulqulluu jiraadheeran” jedhe. Wanti ani jechuu danda'u kanuma qofature. Aarsaan ani Isaaf dhi'eessuu danda'u kanuma qofa ture.

92 Egaa yeroo sanatti achi ciisee, yeroo doktoorri achi narraaadeemetti, waan akka dukkana bara baraa keessa utuun gadi lixuu nattidhaga'ame. “Oo, abbabbaa, na oolchi” jedheen iyye. Abbabbaan koo achi hin jiruture. “Immammaa, na oolchi jedheen” jedheen iyye. Immammaan achi hin jirtuturte. “Yaa Waaqayyo na oolchi” jedheen iyye. Waaqayyo achi hin jiru ture. Innidukkana sodaachisaa kan dhuma hin qabne, halkan walakkaa fakkaata ture. Isacinaan kan argamu gubaan ibidda akka saafaa boba'u argamu waan isa irra namagammachiisu fakkaata. Isa keessatti kufaa utuun jiruu, “Yaa anaa!” jedheenyaade. Akka kanatti kan wal irratuulame ture. Iddoo aarri, dukkannii fi dhukkubi jiruttin lixe. Oo, yaadhukkubbii isaa! Du'atu ana irra ture.

Dubartoota gara kootti ol adeemaa turantokkon argae, isaan warra ija isaanii kuullatanii deeman turan. Amma yaadadhaa,kun kan ta'e waggoota afurtamii shan dura ture, naannoo waggoota afurtamaa durakan ta'e dha. deemaa turan, isaan, “Uu! Uu! Uu!” jechaa deemu.

Ani immoo, “Bara baraanan as keessajiraadhaa?”n jedhe.

“Bara baraan.”

Ani, “Yaa Waaqayyo, yoo Ati as keessaa na baafte, ani lammatasitti hin qaana'un. Ani raawwadhee sitti hin qaana'u. Yaa Waaqayyo, carraatokko qofa naaf kennin” jedheen.

Wanti jalqab irratti beekuu qabdan, akkandeebi'ee gala jirutu natti dhaga'ame. Doktoorri in na'e, sababiin isaa,dha'annaan onnee kootii daqiiqaa tokko keessatti kudha torba qofa rukuta ture.Garmalee waanan dhiigeef dhiigni tokko illee na keessatti hin hafne, dhiigakeessan ciisee ture. Guyyaa tokoo, wanti kun in ta'ee? Jedheen dinqisiifadhe.

93 Naannoo waggaa lamaatiin dura yeroon gara Tuuksanitti jijjiirame,haadha manaa koo wajjin gara J.C. Penii deemnee turre. Ani akka kanatti, mataa buusee taa'ee isheeeegaa ture. Sababiin isaa, haadholiinwaa bituuf yeroo dunkaana deeman hammam akka turan isinuu beektu. Ani akkasittimataa buuseen achi taa'an ture. Gidduukanaan yaabbachiiftuun ol adeemaa dhufte. Kunoo dubartoota tokkotu ittiin oldhufe, isaan warra rifeensa mataa isaaniimuratn turan. Isaan warra ija isaaniikuullatanii deeman turan. Isaan afaan Spaanishii dubbatu turan. Inniguutummaadhumatti mul'ata ani argee turetu deebi'ee waan natti mul'atee dha.Achitti isaan,“Uu! Uu!” jedhu turan.

Obboleessaa, obboleettii, waa waan tokkon sitti hima. Tarii inniamma waan qoosaa fakkaata, garuu guyyaa tokko in argita. Inni waan ittixiyyeeffatamuu qabu dha. Isin raawwattanii karaa sanaan hin darbinaa.

94 Ani, akka nama dulloome tokkotti, tajaajilaa ta'ee, addunyaa irranaanna'ee lallabeera, hiriyoota miliyoonaan horadheera, garuu nan beeka isiniiwajjin gama sana dhaabachuun qaba. Waan biyya lfaa irraa fagaadhaa. Wanti ta'etokko isin keessa jira yoo ta'e, yoo akkuma sanatti deddeebitu ta'e, amma iyyuuwaan biyya lafaa of keessaa qabdu yoo ta'e, yaadadhaa, isin kan Waaqayyoo miti.Isin callisataniidhuma hanga waamichi sun ga'utti miseensa waldaa taataniijiraattu; waamichi qiliillee sun, inni Qiliilleen sun hanga ga'utti.Hubattanii?

Baallaan qurxummii dugda ishee irratti utuu hin uumamin dura,bishaan isheen daaktu fuula ishee dura uumame, utuu bishaan isheen daaktu hinjiru ta'ee baalleen sun isheetti hin uumamu ture.

Mukti laafa irratti biqiluuf, duraandursee lafati mukichi irratti biqilu jiraachuutu irra ture, lafti hin jirutaanaan mukti waan irratti biqilu hin qabu jechuu dha. Sababiin walittihirkatanii jiraachuu hin jiru ture.

95 Uumamni jiraachuun dura, Uumaan jiraachuutu irra jiraata. “Warriwaan qajeelaa beela'anii fi dheebotan haa gammadan.” Hubattanii? Waan ta'etokkotu keessa jira. Yeroo muraasa dura harka keessan ol baaftanii, “Anicaalmaatti Waaqayyoon nan barbaada” jettanii turtan. Hubattanii? wanti nubarbaachisu tokko jira.

Biyya lafaa yoo jaallattan, waan biyyalafaa yoo jaallattan, daandii sana irra yoo deemtan, adeemsa biyya lafaadeemtaniin boolla keessatti kuftanii of argitu. Hubattanii? Kottaa ba'aa. Isin ilmaaniifi intaloota Mootichaa ti. Hawwanii fi namoota kabajamoo ta'aa. Akka Kristaanotaattiadeemaa. Akka Kristaanotaatti deddeebi'aa. Yaadadhaa, yaadachiisa kanaa wajjinfuula firdii duratti isinii wajjinan dhi'aadha. Hubattanii?

Galgala kana daawwitii keessan keessatti of ilaalaatii hubadhaa. “Karaakam irran deemaa jiraa? Yesus iddoo sana, dhagna sana naaf qopheessaa jiraa?Dhagni sun mudaa kan hin qabne dha. Dhagni sun karaa qajeelaa irra kan deemudha. Inni Waaqayyoon duratti ilmaa fi intala. Ani achitti dhagna sana ta'eedhalachuuf, asii miixuu keessan jira. Ani amma iyyuu biyya lafaan jaalladha taanaan, dhagna sana achii akkan hinqabne agarsiisa. Ani callisee miseensuma waldaa ta'uu koo agarsiisa. Anidhiigsanyii Waaqayyoo miti jechuu dha. Ani akkas miti. Inni Abbaa koo miti.”

96 Inni, “Isin adaba jalaa hin baatan taanaan,” innis isa isin ammaargachaa jiranii dha, “isin ijoollee abbaa hin beekamne irraa dhalattanii dha,isin ijoollee Waaqayyoo miti.” Kun sirrii mitii? [Amantoonni, “Sirrii dha”jedhan.] Macaafni Qulqulluun isa kana in dubbataa? [“Ameen.”]

Adaba Waaqayyoo jalaa hin baatan taanaan,yeroo Caffanni Qulqulla'aan gara karaatti isin qajeelchu utuu argitanii,“Oo,ani waan akkasii dhaga'uu hin barbaadu. Ani Kristaana. Ani…nan godha” in jettu.Rakkoo hin qabu. Ittuma fufaa. Hubattanii? Kun raga qabatamaa akka isin mucaaWaaqayyoo hin taane agarsiisu dha.

Garuu mucaan Waaqayyoo inni dhugaanbeela'aa fi dheebotaa jira. Maaliif? Wanti ta'e tokko onnee keessan keessa jirataanaan, akka isa barbaaddan isinitti himaa jira taanaan, inni kun egaa wantita'e tokko isin dhikkifataa jiraachuu isaa, gara sanatti isin dhiibaa jiraachuuisaa agarsiisa. Dhagni tokko achi jira, inni kun fakkaattii lafa kanaati.

Dhagna isa kana maaliif ittifayyadamaa jirtu, seexanaa fi biyya lafaa, faashinii fi wantoota kana fakkaatanittiin ulfeessuufii? Gara Waaqa irraa ilaalaa jirtuu, waan ta'e tokkotu olgubbaa sana jira, jireenya keessaniin Waaqayyoon ulfeessaa jirtuu?

Manaabbaa koo keessa iddoo jireenyaa baay'eetu jira; utuu hin jiru ta'ee, isinittinan himan ture; iddoo jiru sana isiniif qopheessuudhaaf nan adeema.

…iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniifdeebi'ee dhufeetan gara ofii kootiitti isin fudhadha.

Wantoota Ta'uu Qaban. Wantoonni ammaa kunneen, waan gochuundanda'u qofa yummuu ta'u, waamicha warra ta'uu qabaniif godhamuu dha.

Mee in kadhanna.

97 Mee dhimmaatii itti yaadaa. In feetuu, firoota koo jaallatamo? Meeyeroo xiqqoodhaaf, dhimmaatii itti yaadaa. Mee yeroo xiqqoodhaaf dhugaadhumattical haa jennu. Mee Hafuurri Qulqulluun haa dubbatu.

Egaa, Gooftaan Yesus gara keessan garaWarra Pheenxeqoostaaliitti waggoota dheeraa dura na ergeera. Ijoollee dhiiraakeessan guddatee Paasterii keessan kan ta'e kunoo as jira, inni, “Firiitajaajila kana irraa argamee dha” jedhan. Inni yummuu Gooftaan Yesus jaamaa ijabanu argeera; “ta'i,” jennaan, inni, “dhiiti mataa sun battalatti gadi gale”jedhe. Ani amma iyyuu kennaa tajaajila fayyinaa qaba. Garuu namoota baay'eedhukkubsatan baay'eedhaa kadhachaa akkan ture nan beeka. Isaan fayyaniiru. Gooftaan kadhannaa keenyadeebisee, dhukkubsattoota fayyise. Garuu, kana beekaa, namoonni fayyan muraasnidurumaan du'aniiru. Hammam yoo dhukkubsattan iyyuu, yoo fayyitanis,maalumaafuu, du'uudhaaf deemtu.

Garuu lubbuun sun, obboleessa koojaallatama, lubbuun sun, obboleettii koo jaallatamtu, amma waa'ee isaa hinyaadduu? Inni kan Bara Baraa ti. Jaalalli Waaqayyoo isa keessa hin jiru taanaan,wanti harkisu tokko illee hin jiru, Waaqayyoon kadhachuuf fedha hin qabaattan,“Oo, yaa Waaqayyo, galgalaa kanaa jalqabii, na haaressi. Yaa Gooftaa, ani sinjaalladha. Ani si jaallachuun barbaada. Wanti ta'e laphee koo keessaa sittisiqee jiraachuun koo dirqama akka ta'e natti dubbate. Yaa Gooftaa, ammasa'aatii kana dhufee, isa kana nan godha” namni jedhu jiraa? Namni sun, yookiinnamoonni sun man kana keessa, yookiin mana kanaa ala yoo jiraattan, akkagarbicha Kristos tokkootti, Maqaa Yesus Kristosiin isinan gaafadhaa, mataakeessan akkuma gadi qabattanii jirtanitti harka keessan gara Waaqayyootti olqabdanii, guddiftanii, “Yaa Waaqayyo, harkisii gara keetti na dhi'eessi, yaaWaaqayyo jaallatama, gara keetti na dhi'eessi. Waan Ati Sagalee kee keessattidubbatte hundumaa wajjin deemuun barbaada” in jettuu? Harka keessan ol qabaa.Amma dhugaadhumatti amanamaa ta'aa. Callisaatii yaadaa.

98 Amma, isaan, “Oo, ani kana hojjeera. Ani hafuuraan, machaa'ee iyyeera.Ani afaan haaraatiin dubbadheera. Garuu, ilaalaa, jireenua koo keesatti wantita'e natti hir'ateera. Ani daawwitii Sagalee Waaqayyoo keessan ilaala, wantita'e akka jiru nan beeka. Ani Waldaatti nan deddeebi'a, garuu ani waanan ta'uufmale hin taane” in jedhu. Hubattanii? Inni kun waan ta'e tokko agarsiisa.

Amma egaa, of sakattaatanii toora SagaleeWaaqayyoo irra jiraachuu dhabuu keessan yoo argitan, wanti harka keessan akkaol hin baafneef sababa isinitti ta'u hin jiru, akkas taanaan wanti sirrii hinta'in tokko akka jiru in beekaa. Rakkoo wayii qabdu. Wanti jiru…Haati koo dur,“Hundee diimaa irraa dhiiga argachuu hin dandeessu, sababiin isaa dhiigni isakeessatti hin argamu waan ta'eef” jetti turte. Hubattanii? Sirriittidhimmaatii, itti yaadaa. Kun tarii carraa keessan isa dhumaa ta'uu danda'a. Garee xinnoo as jiru keessaa, warri lubootaaillee utuu hin hafin, harki soddomni, harki afurtamni ol qabamaa jira.

99 Yeroo xiqqoodhaaf callisaatii sodaa fi ulfina Waaqayyoo keessaturaa. Dhugaadhuatti waa'ee waan fuula keessan duraa yaadaa. “Yaa Waaqayyo jaalltama, tarii galgala kana, balaa tasaatiin du'uun danda'a. Tarii dhibee onneetiin du'uun danda'a. Bariigaaf tokkoo keessaa, tarii doktoora waamee, innis dhufee dha'annaa onnee kootiiilaalee, humnaa ol rukutuu isaa arguu danda'a; du'aa jiraachuu koo arguudanda'a ta'a. Ani tarii boquu koo boraatii irraa ol dhiibbachaa, 'Yaa Waaqayyo!Yaa Waaqayyo! Yaa Waaqayyo!' jedheen si waammadha ta'a.” Hubattanii? Onneen sunrukuttaa isaa isa dhumaa rukutaa jira. Isin gara Balbala guddaa sanaatti dhufaajirtu jechuu dha. Hafuura Waaqayyootti yoo dhalattan malee, raawwattanii achiindhuftanii hin baatan. Wanti ta'e tokko isin keessa

yoo jiraate malee,raawwattanii achiin ba'uu hin dandeessan, erga lammata dhalattanii boodaWaaqayyoon beela'uu fi dheebochuutu isin irraa eegama. Kun ta'uun dirqama. Hubattanii? Mucaa lafa keessa jirtanii dha, isin garaa lafaa keessa jirtu, isinamma iyyuu warra Mootummaa Waaqayyoo keessatti, iddoo Inni dhagna kan biraaisiniif qopheessuu deeme, dhagana isa mudaa hin qabne keessatti dhalachuufwarra eegaa jirtanii dha.

Amma sirriitti gadi fageessaatii yaadaam,achumaanis walii wajjin in kadhanna.

100 Yaa Waaqayyo jaallatama, akkan beekutti, inni kun fuula Macaafaairratti barreeffameera, galmee guddaa dh! Nuyi saanyii keessa galleedogoggorreerra, yaa Gooftaa, in ga'aa, dhugummaa waan socho'uu beekuuf jenneeguutummaa biyya lafaa keessaa in naannofna. Isa kana immoo karaa televizhiinii in argina. Televizhiiniin fakkaattiiakka hin omiishne in beekna, yaa Abbaa, inni hojiin isaa chaanelii dambaliigara ujummoo isa fakkii uumuutti dabarsuu qofaa dha. Bifti wayyaa garaa garaanuyi uffannuu illee, dambalii qilleensa keessatti argamuun kan uumamuu dha.Erga akkas ta'ee, obboleettiwwan keenya attamitti wayyaa sana uffatanii,akkasitti deddeebi'u, isaan beela'uu illee hin dandeenye; fuula isaanii halluudibanii, rifeensa mataa isaanii attamitti muratu?

Tajjajiltoonni warri mana tiyooloojiideeman, warri gara Seminarii wayii deemanii, “Isaan dubbaa sagalee namaafudhatanii, mammaaksa amatiitiin, abboommii Waaqayyoo namoota biratti gatiidhabsiisanii, barsiifata namaa duukaa bu'anii,” namoonni miseensa waldaa haataanaan, waan hundumaaf ga'aa dha in jedhu.

Yaa Waaqayyo, isaan dubbiin nuyi dubbannuhunduu waraabamaa akka jiru, saayinsii dhaan mirkanaa'uu isaa, isaan in beekuu?Innis kan jalqabe yeroo nuyi biyya lafaa kana irra jiraachuu jalqaneejalqabeeti. Inni kan xumuramee albemii Waaqayyoo keessa kaa'amu immoo gaafanuyi duunu dha. Inni guyyaa firdiitti irra deebi'amee in taphachiifama(inbanama.)

Wanti hunduu fuula keenya duratti nuufibsamee utuu jiruu erga isa fudhachuu didnee, nuyi attamittiin adaba Waaqayyooisa qiliilleetti darbatamuu jalaa miliquu dandeenya?

Yaa Waaqayyo jaallatama, DuubbiinSagalee kun hin du'u. Inni inuma itti fufa. Inni waraabame guyyaa firdiittibanamee ilaalamuuf jira. Yaa Abbaa, harka amma ol baafamee ture argiteetta. Aniguyyaa firdii sanatti achitti nan dhi'aa dha. Akkasumas, wanti isaan garaaisaaniitti yaadaa jiran, guyyaa firdiitti achitti in argama.

101 Amma, yaa Abbaa, Yaa Waaqayyo, akka garbicha keetiitti, ani sinkadhadha, innis hammina isaan hojjetan hundumaa namoota kna irraa kaaftuuf sinkadhadha. Hammina jechuun, waandirqama gochuu qabnu beeknee, utuu hin godhin hafuu jechuu dha. Daawwit, “Hamminalaphee koo keessatti yoon ulfaa'e, Waaqayyo kadhata koo naaf hin deebisu”jedhe. Yaa Waaqayyo, hammina nuyi hojjenne akka nurraa fuutu sin kadhadha, sababiin isaa, Sagalichi daawwitii Kee isa hammam nuyi ilmaanii fi intalootaMootichaa ta'uu hanqanne agarsiisu dha. Yaa Abbaa, galgala kana, isa kana akkagootuufan si kadhadha.

Isa iddoo aarsaa godhi, sababiin isaa, iddoon aarsaa namootataa'aniin guutuu dha. Isa iddoo aarsaa godhi, achi teessuma isaan irra taa'aajiranitti, iddoo aarsaa laphee isaanii keessatti hojjedhu. Obboleessaa fiobboleettii as jiran hundumaa keessaa biyyi lafaa buqqa'ee haa ba'u. seeliinJireenyaa isheen xiqqoon sun, dhiigsanyiin Waaqayyoo inni waa'ee isaa dubbachaaturre sun, amalli inni Waaqayyoon biraa dhufee asitti Waaqayyoon kabajuu fiisaaf ulfina kennuuf bakkeetti baafamee haa mul'ifamu. Yaa Waaqayyo, biyyalafaa isa irraa fageessi.

Warra kan biraatiif, kadhachuufii hin danda'u, yaa Gaooftaa,sababiin isaa, “dhukkubni du'eera, ”wanti akka isaan raasus hin jiru. Garuuwarra raafaman, sirrii akka hin taane waan beektuuf, laphee isaanii fi lubbuuisaanii galgala kana qulleessi, yaa Abbaa. Isaan Hafuura keetiin guutamanii,Ifa Kee keessa haa deddeebi'an.

102 Yaa Gooftaa, Paasterii dargaggeessa, fayya qabeessa, nama jabaafakkaatu kana eebbisi. Namni dargaggeessi kun, hojii Ati hojjetti argee,kaka'umsa akka argate dubbateera. Nama dargaggeessa gaariin kana, yaa Waaqayyo,lubbuu isaa ibidda keen xuqi. Isa kana nuuf raawwadhu, Gooftaa. Inni walittifufiinsaan hoolota Hafuurri Qulqulluun akka inni tiksuuf isatti kenne yeroohundumaa akka qallabuuf, tiksituu isa dhugaa haa ta'u. Isa kana nuuf dhaga'I,yaa Gooftaa. Inni gara bitaatti, gara mirgaattis

hin jallatin, SagaleeWaaqayyoo isa makaa hin qabne isa afaan isaa keessaa ba'u irraan kan hafe, inniseera amantii kamiif iyyuu karaa hin qabaatin. Yaa Waaqayyo, isa, firoota isaafi waldattii xinnoo asitti argamtu kana eebbisi. Yaa Abbaa, hunduma isaaniiwajjin ta'i.

Ani kana dabarseen sitti kenna, yaa Abbaa. Sanyiin facaafameera.Inni iddoo sanyiin Jiraatee, guddatee, kristaana cimaa ta'ee, gubaa'ee kanaa figubaa'ee isaan irraa dhufaniif dibame haa ta'u. Isa kana nuuf dhaga'i, yaaGooftaa. Maqaa Yesus Kristos ilma Waaqayyootiin isa dabarseen sitti kenna.

Egaa, yaa Abbaa, “Inni irra daddarbaakeenyaaf jedhee madaa'e, hammina keenyaaf jedhee dhiitame; adabamuu Isaatiinfayyina arganne; dirmammaa'uu isaatiin nuyi fayyine.”

103 Daqiiqaa muraasa dura, balbala keessaan dubartii miskiina lapheenishee Hafuuraan tuqamee hollachaa turten argee ture. Yaa Waaqayyo, maatii ishee keessatti attamwanti guddaan raawwatamaa ture, attam Ofii kee isaan irratti mul'ifte! YaaWaaqayyo, ani dubartii sanaaf sin kadhadha. Yaa Gooftaa, jireenya ishee isakanaan duraa ishee irraa fuudhiitii, galagala kana, ishee fayyisi. Yaa Gooftaa,inni kun fedha keetii? Ishee gara Keetti fudhadhu.

Yaa Gooftaa, isa kana ilaali, ijoollee xixinnoon fayyinabarbaadanii as taa'aa jiru, warri biroonis. Isaan akka fayyiftuuf sin kadhadha,yaa Abbaa. Isaaniif raawwadhu. Humni fayyisuu Kee inni gudaan dhufee, lubbuukeenyaa fi foon keenya haa fayyisu.

104 Egaa amma, isin warri as Waldaa keessa jirtan, yookiin alajiraattanii warri fayyina barbaaddan, harka keessan ol baaftanii, “Obboleessakoo Branhaam, ani fayyuun barbaada” akka jettanin barbaada. Namni hundumtuuwaan harka ol baase fakkaata. Tole egaa. Ani garbicha Kristos akkan ta'e inamantuu? “Ameen” jedhaa. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Yoos, harka keessanwalii walii keessan irra akka keessanin barbaada. Callisaatii harka keessanwalii walii keessan irra kaa'aa. Warri keessa jirtanis, warri alaas, warriWaaqayyotti amantan harka keessan ol qabaa.

Yesus Kristos, ergaan Isaa inni dhumaaWaldaadhaaf, “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa, uumama hundumaatti Wangeelalallabaa. Namni amane… Namni amanee fi namni cuuphame in fayya. Namni amaneitti hin faradamu. Warra amanan milikkitoonni kun duukaa in bu'u; maqaa Kootiinhafuurota hamootu in baasu; afaan haaraatiin in haasa'u; bofa yoo harkaan qabanyookiin summuu yoo dhugan isaan hin miidhu; harka isaanii dhukkubsataa irra yookaa'an, isaan in fayyu” kan jedhu ture. Egaa, Yesus kana dubbate. Yaadadhaa,Inni kana dubbateera. Inni egaa ta'uu qaba. Inni yoo namni ta'e tokko ka'eeSagalee sana qabe malee hin jenne.

105 Akkuma gadameessi Maariyaam dhiigsanyiisana qabee, “Durbi in ulfoofti” jedhame sanaa ti. Akkuma mukti Ejersaa, muktiQilxuu tulluu irratti biqiluu danda'ee ti, Sagalee Isaatu kana godhe.

Sagaleen Isaa onnee keessan keessattiqabachuu danda'a amma. “Ani amanaa dha, Yaa Gooftaa. Namichi kun yookiindubartiin ani harka koo irra kaa'e kun, isaan dhiphachaa jiru. Ani ofii kootiifkadhachaa hin jiru. Sababiin isaa, isaan anaaf kadhachaa jiru. Ani isaaf,yookiin isheedhaafan kadhachaa jira. Egaa, yaa Gooftaa, isa fayyisi, ishee fayyisi.Ani amanaadha, amma immoo walitti qabamnee jirra. Nuyi yeroo Kristos lafa kanairra deddeebi'aa ture, gar-tokkee Sagalee Isaa waan taaneef, isaa wajjin akkaturre, barsiifamaa oolle. Nuyi Isaawajjin dhiphifamne. Nuyi Isaa wajjindhiignee. Nuyi Isaa wajjin duune. Nuyi Isaa wajjin awwaalamne. Nuyi Isaa wajjinkaafamnee, Kristos Yesusii keessa iddoo Waaqa keessaa keessa taa'aa jirra.Mootii guddaan as nu gidduu taa'aa jira, ani ilma yookiin intala Mootii kanaati. Ani egaa ilma yookiin intala mootichaa, warran kadhaachaafii jiruu fi warranaaf kadhachaa jiran irran harka koo kaa'ee jira. Egaa, yaa Gooftaa, kadhannaakoo naaf deebisiitii, ilama Waaqayyoo kana yookiin intala Waaqayyoo kanafayyisi.”

Walii wajjin taanee, mee walii waliikeenyaaf haa kadhannu.

106 Yaa Yesus Gooftaa, nuyi gadi jennee fuula kee duratti, irradaddarbaa keenya himanneerra. Nuyi dhufneerra, nuyi warra dhukkubaa fi du'aaf,akkasumas gaddaa malu ta'uu keenya himachaa dhufneerra, garuu cubbuu keenyaa fidhukkuba keenya irraa furee (Propitiation) Kee fudhachaa jirra. Egaa, galagalakana, ilmaanii fi intaloonni Waaqayyoo kun, as taa'anii, Sagalee sirreeffamuudhaga'anii, harka isaanii baasanii,

Sagalee keetti dhi'aachuu barbaadaa jiru.Isaan amma harka isaanii walii walii isaanii irra kaa'anii jiru, sababiin isaa,isaan Sagaleen kee dhugaa akka ta'e waan amananiifi. Isaan nuyi amma Kristosiiwajjin du'aa kaanee, Isaa wajjin iddoo Waaqa irraa keessa jiraachaa akka jirruamananiiru. Isaan harka isaanii walii walii isaanii irra godhanii, waliifkadhachaa jiru.

Ati, “Kadhanni amantiidhaan godhamu kun,isa dhukkubsataa in fayyisa; gooftaan isa in kaasa, cubbuu hojjeteera yoo ta'esin dhiisaaf. Yoos dhukkubattii akka fayyifamtanitti cubbuu keessan walittihimadhaa, waliifis kadhadhaa! Kadhannaan nama qajeelaa waan baay'ee hojjechuuin danda'a” jetteetta. Yaa Waaqayyo bara baraan jiraattuu, kadhannaa garbootakeetii dhaga'i.

Egaa amma, ammas immoo caafamee jira'o, “Yummuunamoonni walitti qabamanii, Maqaa Koo waammatanii kadhatan, Ani Waaqa irraaisaan nan dhaga'a” jetteetta. Yaa Waaqayyo, galgala kana kadhata ijoolleekeetii Waaqa irraa dhaga'i. Saba as jiru kana irratti Hafuura Qulqulluu akkaqilleensa jabaa qilleensa'uutti gadi ergi. Nuyis namoota kana fuula Waaqayyooduratti in dhi'eessina.

107 Yaa Seexanaa, ati injifatamteetta. Ati uumama mo'amee dha. YesusKristostu Qaraaniyoo irratti si injifate. Ati humna hin qabdu. Ati waan tokkoiyyuu gochuu hin dandeessu. Nuyi harka kee waamaa jirra, galagala kana. Maqaa Yesus Kristosiin, namoota kana keessaakottuu ba'I, ati yaa dhukkubaa fi yaa wanta nama dhiftuu, kottuu ba'i. IsaanMaqaa Yesus Kristos ilma Waaqayyootiin, bilisa ba'anii haa adeeman.

Haaleeluyyaa! Ulfinni Waaqayyoo miira kootti dhaga'ame! Deebiinkadhannaa keessanii miira kootti dhaga'ame. Kadhannaa nama isin bira taa'eejiruu Waaqayyo akka deebise in amantuu? Nama meeqatu amana? Harka keessan olbaasaa. [Amantoonni in ililichan.] Isin amantaniittu. Oo, dinqii dha!

Ani Isa nan jaalladha, ani…

Harka keessan ol qabatii amma, Isafaarfadhaa, garaa keessn guutuudhaan.

Sababii Inni dura na jaallateef…

Amma garaa keessan guutuun jechaa jirtuu?

108 Namoota meeqatti Waaqayyo hammina hojii keessanii, waan gootan,akka isiniif dhiise isinitti dhaga'ame? “Egaa halkana irraa jalqabee, yaaHoolaa Waaqayyoo, ani karaa siirrii irra deemuuf waadaan gala. Ani ulfina MaqaaKristaana jedhu, isan ittiin waamamuuf, Jireenya Kristos jiraachhuuf nanadeema. Ani harka koo nan kaasa, yaa Waaqayyo. Ani galgala kana, akkahaaraattin jireenya koo siif dhi'eessa. Ani Ificha keessa nan deema.” Ameen.

Nuyi Ifa keessa deemna, Ifa miidhagaa,

Iddoo fixeensi araaraa ifuu dhufa;

Nu marsee ifa, halakanii fi guyyaa,

Yesus, Ifa biyya lafaa.

Nuyi Ifa keessa deemna, Inni Ifaattam miidhagu dha,

Inni iddoo fixeensi…

Iddoo isa Inni nuuf qopheessuu deemeirraa dhufa.

Nu marsee ifa, halkanii fi guyyaa,

Yesus, Ifa biyya lafaa.

Kottaa, isin qulqulloonni Ifaa labasaa,

Yesus, Ifa biyya lafaa;

Dhugaa fi araarri Maqaa Isaa keesaa jira,

Yesus, Ifa biyya lafaa.

Yeroo sanatti maal goona?

Nuyi Ifa keessa deemna, Ifa akkaanmiidhagaa,

Iddoo fixeensi araaraa ifuu dhufa;

Nu marsee ifa, halkanii fi guyyaa,

Yesus, Ifa biyya lafaa.

Oo, hunduu akka waan keessa jirtaniittiisinitti hin dhaga'amnee, wanti gaariin miira keessanitti hin dhaga'amnee?[Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Oo, yaa anaa! Mee ammas faarfachuuf harka keenyahaa rukunnu.

Nuyi Ifa keessa deemna, Ifa akkaanmiidhagaa,

Iddoo…(Waaqayyo si haa eebbisu,obboleessaa.)…araaraa ifuu dhufa;

Nu marsee ifa, halkanii fi guyyaa,

Yesus, Ifa biyya lafaa.

Mee ija keenya wal irra buufannee isa haagungumnu. [Obboleessi keenya Branhaamii fi amantoonni Yesus, Ifa Biyya Lafaa, jedhanii gungumuujalqaban.] Nuyi akka ijoollee in taana. Nuyi ijoollee dha.

Oo, inni Ifa attam miidhaguu dha,

Iddoo fixeensi araaraa ifuu dhufa;

Oo, nu marsee ifa, ganamaa fi galgala,

Yesus, Ifa biyya lafaa.

Isa hin jaallattanii? [Amantoonni,“Ameen” jedhan.]

Amantiin koo gara kee ilaala,

Sii yaa Hoolaa Qaraan-…

Ija keessan wal irra buufadhaatiifaarfadhaa. Hafuura keessa ta'atiiwaaqessaa.

Hooda fayyinaa;

Amma yeroon kadhadhu na dhaga'i,

Cubbuu koo hundumaa narraa fuudhi,

Oo, bara kana irraa na furi

Guutummaatti kan Keen ta'a!

Yummuu adeemsi karaa jireenya koo narakkisu,

Gaddis yummuu naannessee na marsu;

Oo, ati Geggeessaa koo naaf ta'i;

Dukkana koo guyyaatti jijjiiri,

Sodaa gaddaa narraa haxaa'i,

Yoomuu sirraa adda hin ba'u

Sirraa gala hin galu.

Oo, yaa Anaa! Ani nama faashinii durii hordofu akkan ta'e nanbeeka. Wantin jaalladhu… Akkan yaadutti inni kun faashinii muuziqaa haaraahundumaa kana akka 'chopped up' (gosa rukuttaa muuziqaa ariifataa),'fandangoed' (Gosa muuziqaa shubbisa warra Ispeen), 'rock-and-roll' (gosarukuttaa muuziqaa jabina qabuu), isaan kun hunduu rukkuttaa muuziqaa ittifakkeessaa fi maayilii miliyoona kan Isa durii irraa fagaatu dha. Waloonfaarfannaa durii yummuu isaan barreessan, qalama isaan ittiin barreessanHafuura Qulqulluutu tuqa. Oo, yaa anaa! Edi'ee Peroonet fi warra kaan hundumaanan yaadadha; namoota gurguddoo! Fanii Krosbaay akkas jedhee faarfatte:

Ana hin darbin, yaa fayisaagaarii,

Boo'icha gadadoo koo naaf dhaga'i.

109 Guyyaa tokko ishee argachuuf yaalaa turan. Isheen akka Elvis Presleywarra Pheenxeqoostaalii hin goone, isheen waan gati jabeesaan angafummaa isheehin gurgurre. Isheen… Gara ishee dhufanii sirba biyya lafaa akka isheenbarreessistu ishee godhan. Isheen, “Ani kana hin godhu, inni faayidaa hin qabu”jette.

Isaan immoo, “Maaliif, ati jaamaa dha.Gara Waaqa irraatti akka galtu attamitti beekta?” isheedhaan jedhan.

Isheen of duuba gala galteekaka'umsa Hafuuraatiin akkas jette:

Ani Isa nan beeka, ani Isa nan beeka,

Furamee bukkee Isaa nan dhaabadha;

Ani Isa nan beeka, ani Isa nan beeka(Attamitti?)

Mallattoo quba harka Isaatiin.

Karaa biraatiin, “Isa hin argu yoon ta'e,ani qaqqabannaan harka Isaa natti in beekama” jechuu isheeti.

Ani Isa nan beeka, ani Isa nan beeka,

Furamee bukkee Isaa nan dhaabadha;

Ani Isa nan beeka, ani Isa nan beeka (Attamitti?)

Mallattoo quba harka Isaatiin.

Inni kun akka isin Isa jaallattan isin hin godhuu? Inni iddoo nuufqopheessuuf deemeera! “Ani deemee iddoo isiniif nan qopheessa, deebi'ee immoogara Ofii kootiitti isanan fudhadha.”

110 Ijoolleen xixinnoon amma dhiphachaa jirtan, irra deebi'aatiiabboommota Waaqayyoo eegaa. Paaster, namni kanaan dura hin cuuphamin yoojiraate, bishaanni qophaa'ee jira. Miseensa Waldaa ta'uu yoo barbaaddan, waangochuu barbaaddan hundumaa, gochuu dandeessu. Cuuphaa Hafuura Qulqulluu hinarganne yoo ta'e, galgala kana Isa argachuu dandeessu. Isa kana hin amantanii?[Amantoonni, “Ameen” jedhan.]

“Oo, obboleessa keenya Branhaam, nutty dhi'e. Ati yeroo dheeraafudhattee nutty lallabde” in jettu.

Phaawulos halkan tokko, halkan guutuuErgaadhu isa kanaa wajjin tokko ta'e lallabaa bule. Mucaan xiqqaan…Dargaggeessitokko dhaabaa manaa irraa kufee du'e. Phaawulos Ergaa kanaa wajjin tokko kanta'een inni dibame, harka isaa dhagna du'e sana irra kaa'ee, gurbichattislubbuun deebi'e. Inni amma iyyuu, “Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as barabaraanis isuma sana.”

Isa hin jaallattanii? [Amantoonni,“Ameen” jedhan.] Mee ammas al tokko, harka keenya ol qabannee, “Ani Isa nanjaalladha, ani Isa nan jaalladha” haa jennu.

Namni Piyaanoo taphatu eessa jira? Kuunnooti, fedha kee yoo ta'e,obboleettii, eenyuunuu haa ta'u. Rukuttaa faarfannaa kanaa wajjin deemu nuufjalqabi, yoo fedha kee ta'e.

Nama meeqatu Isa jaallata? Harka keessanol qabaa. “Ani dhugaatti Isa nan jaalladha. Ani dhugumaan garaa koo guutuudhaanIsa nan jaalladha” jedhaa.

111 Amma mee ulfina Waaqayyoof haa faarfannu. Amma ija keenya wal irrabuufannee, harka keenya ol qabnee, “Ani Isa nan jaalladha. Ani Isa nanjaalladha” haa jennu. Nuyi waaqessaa jirra. Yummuu lallabdanii, kuttanii,imimmaan lolaastanii, akkasitti harkistan, inni kun egaa qoricha dibatamu isaWaaqayyo dhukkuba fayyisuuf dhangalaasuu dha. “Lubbuu sanaaf, Qorichi dibataniifayyan Giil'aad keessa jira.” Mee haa farffannu amma. Rukuttaa faafannichaanuuf jalqabi.

Ani Isa nan jaalladha, Ani Isa nanjaalladha

Sababiin isaa Inni dursee na jaallate

Gatii lubbuu koo naaf kaffale

Muka Qaraaniyoo irratti.

“Jaalala yoo waliif qabaattan, kanaan namoonni hundinuu akka isinbartoota koo taatan in beeku.” Kun sirrii dha. Nuyi walii walii keenya warraijaan arginu jaallachuu hin dandeeny taanaan, Waaqayyo isa ijaan hin mul'anneimmoo akkamitti jaallachuu dandeenya?

Ani Isa nan jaalladha.

[Obboleessi keenya Branhaam waltajjii irratti obboleessa tokkoowajjin haasa'aa jira.] Waaqayyo si haa eebbisu. [Obboleessichi, “Har'a galgalasitti argamuun keenya ulfina dhugaa Waaqa irraa nuuf kenname dha.] YaaObboleessa keenyaa, galatoomi. [” Inni dhugaadhumatti waan namatti tolu dha.“]Amma, akkan yaaduttu, guutummaan waldaa, namni hunduu jajjabina argateera.Jaajjabaattaniitttu mitti? [”Eeyyee.

Dhugaadhumatti."] Obboleessa koo Boonee,Waaqayyo si haa eebbisu. Waldaa gara keettan deebisa. Waaqayyo si haa eebbisu.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

William Marrion Branham

*"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7*